Hooggansa Dhaddachaa

Qopheessitoonni: - Obbo Gammachuu Nigusee.

Obbo Tacaan Margaa

Gulaaltonni:- Obbo Addamuu Dhufeeraa

Obbo Shaambal Hordofaa.

Obbo Oliyaad Yadataa

Caamsaa 28/2012

ILQSO,Adaamaa

Baafata

I. Seensa Waliigalaa. 5

II. Kaayyoo Waliigalaa 5

Boqonnaa Tokko 7

1.1.Seensa 7

1.2.Kaayyoo Gooree 7

1.3.Maalummaa Hoggansa Dhaddachaa 8

1.4.Yaada Rimee Hoggansa Dhaddachaa Sirna Seeraa Waliin Keessatti. 9

1.5.Yaada rimee Hoggansa Dhaddachaa Biyya Sirna Seeraa Waliinii Keessatti 9

1.6.Seenaa Dhufaatii fi Guddinna Hoggansa Dhaddachaa 10

Boqonnaa Lama 16

2.1.Seensa 16

2.2.Kaayyoo Gooree 16

2.3.Hoggansa Dhaddachaa 17

2.4.Barbaachisummaan Qajeelfama Naamusa Dhaddachaa 17

2.5. Naamusa Dhaddachaa Muuxannoo Biyyoota Biroo 19

2.5.1.Qajeelfama Naamusa Dhaddachaa Mana Murtii Biyya Ameerikaa Magaalaa Niwuu Holistiyeen (‘New Holstein’ Ameerikaa) 19

2.5.2.Qajeelfama Naamusa Dhaddachaa Mana Murtii Biyya Ameerikaa Magaalaa Marifii fi piirlaandi(‘Murphy’ fi ‘Pearland’(Ameerikaa) 20

2.5.2.1.Akkataa Qajeelfama Kanaatiin Gochoota Dhaddacha Irratti Dhorkaman 21

2.5.2.2.Naamusa Abukaatoo fi Falmitootaa. 21

2.5.2.3.Naamusa Barreessitootaa fi Kabachiiftota Dhaddachaa 22

2.5.2.4.Qajeelfama Naamusa dhaddachaa mana murtii Magaalaa *Lakeway* : 23

2.6.Qajeelfama Naamusaa Dhaddachaa Magaalaa Laankaasteer(Lancaster count court of common Pleas) 24

2.7.Qajeelfama Naamusa Dhaddachaa Mana murtii Sadarkaa olii Kaalifooriniyaa Kibbaa (Superior Court of South California.) 25

2.8.1.Qajeelfama Naamusa Dhaddachaa Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Federalaa. 26

2.8.1.1.Wantoota Dhaddacha Irratti Dhoorkaman. 26

2.8.1.2.Dhaddacha Ifaatti Dhimmoota Keessumeessuun Murteessuu. 27

2.8.1.3.Mirga Dhagayamuu Walfalmitootaa Kabajuu. 28

2.8.1.4.Tumaalee Dhimmootni Akka Lafarra Hin Harkifanne Ilaallatu. 29

2.8.1.5.Tumaalee Naamusa Abbootii Seeraa. 30
2.8.1.6.Sirnoota Abbootiin Seeraa Dhaddacharratti Hordofuu Qaban. 32
2.8.1.7.Tarkaanfiiwwan Haala Beellamaa fi Murtii Galmeelee Ariifachiisuuf Fudhataman. 34
2.8.2.Naamusaa Dhaddachaa Akka Naannoo Keenyaatti. 36
2.8.2.1.Qophii Eegaliinsa Dhaddachaatiin Duraa Godhamuu Qabu. 36
2.8.2.2.Sa'aatii fi Sirna Eegaliinsa Dhaddachaa fi Tartiiba Abbootiin Dhimmaa Itti Keessummeeffamuu Qaban. 37
2.8.2.3.Sirna Kakuu. 38
2.8.2.4.Haqaaf Dhaabbachuu 39
2.8.2.5.Sagaleen Kan Dhaga'amu Ta'uu Qaba 40
2.8.2.6.Sirna Beellamaa 41
2.8.2.7.Sirna Uffannaa 41
2.8.2.8.Sirna Xumura Dhaddachaa 43
2.8.2.9.Moggaafamaa fi Walitti Dhufeenya Abbootii Murtii 43
2.8.2.10.Abbootii Seeraa Irraa Naamusa Eegamu 43
2.8.2.11.Abbootii Dhimmaa Irraa Naamusa Eegamu, ... 44
2.8.2.12.Gochawwan Dhaddacha Irratti Dhorkaman 46
2.8.2.13.Namoota Dhaddachaan Ala Jiran 46
2.8.3. Dhaddacha Jeequu 47
2.8.3. 1. Maalummaa Dhaddacha Jeequu(court contempt) 47
2.8.3. 2.Barbaachisummaa Aangoon Battalaa Jeequmsa ofirraa Ittisuu Mana Murtiif Kennuu. 48
2.8.3. 3.Gochaawwan Dhaddacha Jeequu. 49
2.8.3.4.Dhaddacha 49
2.8.3. 5.Jeequmsa Dhaddachaa Kallattii (Direct Contempt): 50
2.8.3. 6.Jeequmsa Dhaddachaa Al-kallattii(Indirect contempt): 51
2.8.3. 7.Garaagarummaa Dhaddacha Jeequu Yakkaa fi Hariiroo Hawaasaa 51
2.8.3. 8.Jeequmsa Dhaddachaa Hariiroo Hawaasaa (Civil Contempt) 51
2.8.3. 9. Sirna Seeraa Dhuunfaa (Civil oro Continental Law Legal system) 52
2.8.3. 10.Dhaddacha Jeequun Eenyuun Raawwatama 52
2.8.3.11.Dhaddacha Jeequun Eeenyuun Irratti Raawwatama 52
2.8.3. 12.Dhaddacha Jeequu fi Mirgoota Nama Himatamee 54
2.8.3. 13.Dhaddacha Jeequu fi Mirgoota Biroo Himataman Qabu. 56

2.8.3. 14. Gochoota Dhaddacha Jeequu Seera Biyya Keenyaa keessatti 57
2.8.3.15.Dhaddacha Jeequu Seera Yakkaa Bara 1996 Bahe Keessatti 58
2.8.3. 16. Gocha Dhaddacha Jeequu fi Hojimaata Manneen Murtii 62
2.8.3. 17. Dhaddacha Jeequu fi Hanqinna Hojimaata Manneen Murtii. 65
2.8.3. 18.Dhaddacha Jeequu SDFHH Jalatti. 65
2.8.3.19.Dhaddacha Jeequu Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo OromiyaanIrra Deebiin Murteessuuf Bahe,Labsii Lak. 216/2011 Jalatti. 69

I. Seensa Waliigalaa.

Hojiin kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa hojii guyyaa guyyaan manneen murtii hojjatanii fi hojii ijoo isaanii akka ta'e beekkamaadha.Manni murtii tajaajila kannaniin hawaasa bal'aa garaa gahuu fi amantaa hawaasin mana murtii irraa qabu dabaluun komiilee jiru immoo hir'isuuf guyyaa guyyaan hojii bal'aa hojjataa kan oolaniidha.Tajaajila kenniinsa abbaa seerummaa si'ataa,iftoomina fi qulqullinna qabu,akkasumas dhaqqabamaa ta'e hojjachuun immoo kaayyoo manni murtii dhabbateef galmaan gahuu fi ergamaa fi mul'ata manneen murtii qabatanii deeman dhugoomsuu keessatti hojiin dhaddachaa adda duree fi isa hangafaati jechuun ni danda'ama.Dhaddachi hojii isaa haala gaariin hojjachuu kan danda'u hojiilee hunda sirnaa fi seera jiru bu'uura godhachuun sirnaan yoo hoggane qofaadha.Hanqinni Hoggansa Dhaddachaa iddoo jirutti tajaajila abbaa seerummaa sirna haqaatiif wabii ta'e dhugoomsuun hin yaadamu.Kanaafu hooggansi dhaddachaa dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaaduu fi manneen murtii hojii guyya guyyaa isaanii keessatti ofi eeggannoon hojii irra oolchuu qaban akka ta'e beeknuun nama hin rakkisu.Moojuliin kunis wa'ee Hoggansa Dhaddachaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u boqonnaa lama kan qabuudha.Boqonnaa 1ffaan Waliigala wa'ee Hoggansa Dhaddachaa,seenaa dhufaatii isaa,barbaachisummaa Hoggansa Dhaddachaa kan ofi keessatti qabate yoo ta'u,Boqonnaa 2^{ffaa} seerota,hojimaataa fi rakkoolee qabatamaa Hoggansa Dhaddachaa waliin wal qabatee manneen murtii keessatti mul'atan dhimma qabatamaan deeggaruun keessatti kan ilaalamu ta'a.

II. Kaayyoo Waliigalaa

Leenjifamtoonni xumura Leenjii kana booda:-

- Maalimmaa Hoggansa Dhaddachaa sirritti ni beeku.
- Seenaa dhufaatii Hoggansa Dhaddachaa ni hubatu.
- Barbaachisummaa Hoggansa Dhaddachaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Seera dhaaddacha qajeelchuuf bahe irratti hubannoo gahaa ni qabaatu.
- Yaada rimee dhaddacha jeequu irratti dandeetti gahaa ni gonfatu.

- Rakkoo hojimaataa fi seera jidduu jiru addaan baasuun bu'uura seeraa qofaan hojii hoogganuu akka qaban ni beeku.
- Hojimaata dhaddachaa fi naamusa abbootii seeraa irratti hubannoo fi beekumsa gahaa ni argatu.
- Qooda fudhattoota dhaddachaa kan mana murtii keessa jiranii fi kan mana murtiin ala jiran addaan baasuun gahee fi dirqama isaanii ni beeku.
- Adeemsi dhaddachaa kaayyoo barbaadameef kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa si'ataa,qulqulluu fi dhaqqabamaa ta'e akka kennu guchuu irratti gumaacha hooggansi dhaddachaa qabu addaan ni baafatu.
- Rakkoolee qabatamaa manneen murtii keessa jiran addaan baasuun ni beeku;rakkoolee kana keessaa bahuunis hojii isaanii seera qofaan akka hojjachuu qaban ni hubatu.

Boqonnaa Tokko

1.1.Seensa

Manneen murtii tajaajila abbaa seerummaa kan keennan yoo ta'u hojiin isaanii si'aayaa,dhaqqabamaa,bu'a qabeessaa , qulqullinna fi iftoomina kan qabu gochuun abbootiin dhimmaa mana murtii irraa tajaajilamanii fi hawaasin bal'aan sirna haqaa irraa amantaa akka qabaatu gochuuf kan hojjataniidha.Kana keessatti abbaan dhimmaa rakkoo wal xaxaa fi dhamaatii malee haala salphaa ta'een mana murtiitti dhiyaatee mirga isaa karaa ifaa fi bilisaan,sodaa tokko malee gaafachuu akka danda'u mijeessuun barbaachisaadha.Gama biraatiin immoo abbootii seeraa fi hawaasin mana murtii hundinuu dirqamaa fi itti gaafatamummaa isaanii akkataa seeraa yookiin sirna diriiree jiru qofaan akka raawwatan gochuun barbaachisaa waan ta'eef aangoo isaanii seeraan ala garmalee akka hin fayyadamne daangessuun barbaachisaadha.Kun kan ta'uu danda'u seerotaa fi sirni cimaan iftoomina qabu yoo jiraate qofa waan ta'eef kana keessa tokko qajeelfama naamusa dhaddachaa baasuudha.Boqonnaa kana keessatti maalummaa Hoggansa dhaddachaa, yaadarimee hoggansa dhaddachaa sirna seeraa garagaraa keessatti fi biyya keenya keessatti waa'ee gochoota dhaddaacha jeequu dhimmoota qabatamaan deeggaruun bal'innaan kan keessatti ilaallu ta'a.

1.2.Kaayyoo Gooree

Xumura leenjii kanaa irratti leenjifamtoonni:-

- Wa'ee maalummaa Hoggansa dhaddachaa sirritti ni hubatu.
- Hoggansi dhaddachaa sirnoota seeraa waliinii fi dhuunfaa keessatti maal akka ta'e guutumatti addaan ni baafatu.
- Hooggansi dhaddachaa biyya keenya keessatti bifa qajeelfamaatiin kan ba'e yoom akka ta'e ni hubatu.
- Akkataa dhaddachi itti hoogganamuu qabu irratti hubannoo gahaa ni argatu.
- Dhaddacha hoogganuu waliin wal qabatee rakkoolee hojimaataa mana murtii keessa turan addaan ni baafatu.
- Gochoota dhaddacha jeequu addaan baafachuun rakkoolee amma dura mana murtii keessa ture hambisuun seeraa fi sirna qofaan akka hojjataniif dandeetti gahaa ni qabaatu.

1.3.Maalummaa Hoggansa Dhaddachaa

Hoggansa Dhaddachaa jechuun bulchiinsa mana murtii keessaa fi dhimmaan alaa jechuudha.[1]Mana murtii keessatti kan daangeffamu waan ta'eef bulchiinsa sirna haqaa waliigalaa kan hammatuu miti.[2]Akkasumas hooggansi dhaddachaa dhimmaan/galmeen ala.Kana jechuun hojii mana murtii hoogganuuf dhimma kan itti bahamu malee dhimma yookiin galmee hoogganuuf dhimma itti bahuun hin danda'amu.Dhimma hoogganuuf kan gargaaru bulchiinsa dhangala'a dhimmaati.Haa ta'u malee hooggansi dhaddachaa hojii bulchiinsa mana murtii keessatti gahee guddaa kan qabu waan ta'eef bulchiinsa dhangala'a dhimmaa waliin halli wal irra bu'u yookiin immoo haalli wal fakkeessu ni jiraata.Akka yaada rimeetti yaadni Hoggansa Dhaddachaa jedhu duguugamee hikkaa irratti waliigalame kan argatee miti.Biyyootuma Hoggansa Dhaddachaa fayyadaman keessattuu yaada rimeen kun ifa waan ta'e hin qabu.Biyyoonni akka Beeniin,Aljeeriyaa fi singaapoori hoggansa dhaddachaa hin fayyadaman.Biyyoonni akka Raashiyaa fi Arjeentinaa immoo Hoggansa Dhaddachaan kan wal fakkaatu sirna bulchiinsa abbaa seerummaa jedhu fayyadamu.Hoggansa Dhaddachaa(court management) gaaleen jedhu hojii manni murtii hojjatu qofa kan hammate fakkataa.Sababni isaas jechi dhaddacha jedhuu mana murtii malee qaama biraa hin ibsu.Haa ta'u malee qabatamaan qaamonni biroo aangoo abbaa seerummaa qaban heddutu jiru.Akka biyya keenyaatti yoo fudhanne namni kamiiyyuu murtiidhaan dhimma murtaa'uu qabu mana murtii yookiin qaama biroo aangoon abbaa seerummaa seeraan kennameefitti dhiyeeffachuun murtii argachuuf mirga akka qabu tumee jira.[3]Tuma kana irraa wanti hubatamu mana murtiin ala qaamni biroo aangoo abbaa seerummaa qabu kan jiru ta'uu isaati.Kanaafuu Hoggansa Dhaddachaa gaaleen jedhu qaamota kanaafi raawwatamummaa qabaachuu fi dhabuu irratti yaadota garagaraattu jira.

Biyyoota sirna seeraa garagaraa hordofan keessatti hooggansi dhaddachaa maqaa fi hiikoo adda addaa kan qabu akka ta'e barreeffamoon hedduun ni argisiisu.Haaluma kanaan sirna seeraa waliinii(comman law legal system) fi sirna seeraa dhuunfaa(civil law legal system) keessatti hiikkoon hoogansa dhaddachaaf kenname jechaa fi qabiyyeenis addaa addummaa kan qabuudha.Haala isaan itti ilaalmaan tokko tokkoon gabaabinaan akka armaan gadiitti kan ilaallu ta'a.

---

[1] .https:/www.researchgate.net
[2] . https:/www.researchgate.net
[3] .HMDRFI keewwata 37(1)

1.4.Yaada Rimee Hoggansa Dhaddachaa Sirna Seeraa Waliin Keessatti.

Sirna seeraa waliinii keessati biyyi fakkeenyaa guddaa qabdu biyya USA yoo ta'u,sirna hojmaata mana murtii to'atu Hoggansa Dhaddachaa jechuu caalaa bulchiinsa haqaa jechuu filatanii jiru.Hoggansa(management) jecha jedhu hojii guyyaa guyyaan mana murtii keessatti bulchiinsa mana murtii kan hoogganaa mana murtii hin taaneen hojjatamuuf itti dhimma bahu.Bulchiinis kunis bulchiinsa qabeenyaa fi humna namaa yoo ta'u hojiin ijoo isaanitis hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa osoo hin taane hojii deeggarsaati.Hojii bulchiinsa mana murtii immoo kan hojjatu hoogganaa mana murtichaa akka ta'eetti taa'ee jira.Kanaafu jecha Hoggansa jedhu hojii keenninsa tajaajila abbaa seerummaatiin ala jiru gaggeessuuf kan itti fayyadaman yoo ta'u hojii keennisa tajaajila abbaa seerummaa gaggeessuuf immoo jecha bulchiinsa jedhutti dhimma bahu.[4]

Biyya Ingilizii fi Welisii keessatti galee bulchiinsa mana murtii jedhutti dhimma kan bahan yoo ta'ellee,barbaachisummaan isaa galma sadi(3) milkeessuuf kan dhimma itti bahaniidha.Isaanis:-

1. Bu'aa qabeessummaa tajaajila kennamuu dabaluu.
2. Fedhii ummataa guutuu;
3. Kaffaltoota gibiraa fi ogummaa seeraatiif faayidaa guddaa buusuu fa'aadha.[5]

Barbaachisummaa Hoggansa Dhaddachaa fi bulchiinsa mana murtii irra dhaabbachuun gaalee kana lamaan wal bira qabnee yoo ilaallu itti fayyadamni jechootaa addaa addummaa haa qabatu malee galmaa fi hojiin isaanii garagarummaa waan qabuu miti.

1.5.Yaada rimee Hoggansa Dhaddachaa Biyya Sirna Seeraa Waliinii Keessatti

Biyyoota sirna seeraa dhuunfaa horduufuun biyyoota hedduu fi biyya keenyaaf fakkeenya ta'an keessaa biyyi Faransaayii fi Jaarmaan biyyoota adda dureen ka'uu danda'aniidha.Biyya Faransaayi keessatti jaaraa 19^{ffaa} keessaa yaada kana bulchiinsa abbaa seerummaa jechuun dhimma itti bahaa turan.Bulchiinsa haqaa ministeera haqaatiin hoogganamu irratti raawwatamummaa qaba ture.Manneen murtii hunda bulchuu ofi keessatti kan qabatu yoo ta'e illee gamoon manneen murtii Dhaabbata magaalaa jala kan jiru yoo ta'u,hoogganaan mana murtii dhimmoota qofa bulchaa ture.Hoogansi dhimmaa ni jira garuu akka qaama abbaa seerummaa fi

[4] . https:/www.researchgate.net fuula 19 fi 20.
[5] .https:/www.gov.uk/government/uploads/attachment-data/file/386415/hmcts-business-plan-2.14-15.pdf last accessed 14/03/2017.

aangoo adeemsaa abbaan seeraa dhimma qopheessuuf qabuu qofatti ilaalama.Bara 2001 ALA hooggansi ummataa haarofti hojii irra waan ooleef mana murtii irratti raawwatamummaa kan qabu ta'uu isaatiin gaaleen *bulchiinsa abbaa seerummaa* jedhu haqamee gaalee *Hoggansa abbaa seerummaa* jedhuun bakka bu'ee jira.Hooggansi abbaa seerummaa Hoggansa dhimmaatiin garagarummaa guddaa qaba.Jechi Hoggansa jedhu bal'innaan kan hiikame waan ta'eef hojii gaggeessummaa fi bulchiinsa mana murtii ofi keessatti kan hammate waan ta'eef Hoggansa Dhaddachaa kan jedhu fayyadamuu kan eegalan yoo ta'e illee guutumatti Hoggansa abbaa seerummaatiin kan addaan bahee miti.[6]

Biyya Jarmaan keessatti gaaleen *Hoggansa Dhaddachaa* jedhu bulchiinsa hojjattoota mana murtii kan akka humna nama filachuu,to'achuu,hojii naamusa hojjattotaa kan ofi keessatti qabatuu,Ijaarsaa fi suphaa gamoowwaan mana murtii,meeshaalee hojiif barbaachisan kan akka isteeshinarii,laaptooppii,kompiyuutaa,qalamaa,piriinteraa,meeshaalee TQO fi kkf guuttachuu,fi karoora baajataa fa'a hojii deeggarsaa waliin kan wal qabatuudha.[7]Hojii dhaddachaa kan hoogganu komitee abbootii seeraa irraa hundeeffamuudha.Kanaafu yaada rimeen Hoggansa Dhaddachaa jedhu biyya Jaarmaan keessa hin jiru.[8]

Hooggansi dhaddachaa kan inni wal qabatuun hojii Hoggansaa mana murtii keessaa ta'ee hariiroo abbaa seeraa fi hojjattota manichaa,qoodinsa dhimmaa fi gamaggama abbaa seeraa fi hojjatoota manichaa,baajata mana murtichaa,qabeenya manichaa,humna namaa,teekinoolojii fi kkf ofi keessatti kan qabatuudha.[9]Kana males Hoggansa yookiin qajeelcha dhaddachaa jechuun dhimmi tokko MM dhihaatee hanga murtii dhumaa argatutti adeemsaa fi hojmaata hojii dhaddachaa fi naamusa A/Seeraa, Abbootiin dhimmaa, Abukaattonni, A/Alangaa, fi hordoftoonni dhaddachaa hordofuu qaban kan ilaallatuu dha.Yeroo ammaa biyyoonni addunyaa hundi sababa sirni kenninsa tajaajila abbaa seerummaa kufaa jiruuf Hoggansa Dhaddachaa akka meeshaa guddaa kufaatii dhufuu malu dandamachiisuutti fayyadamaa jiru.[10]

1.6.Seenaa Dhufaatii fi Guddinna Hoggansa Dhaddachaa.

[6] . https:/www.researchgate.net fuula 21
[7] .f.witter,Die Verwaltung der Dritten Gewalt.fuula 16-18 yookiin https:/www.researchgate.net fuula 22
[8] . https:/www.researchgate.net.22
[9] . https:/www.researchgate.net
[10] .https:/www.researchgate.net

Hoggansi dhaddachaa eessatti fi yoomi akka eegale addaan baasanii beekuun hin danda'amu.Biyyoonni adda addaa akkuma sirni haqaa isaanii cimaa deemuun yeroo adda addaatti tooftaalee gara garaa fayyadamuun hojii keennina tajaajila abbaa seerummaa qajeelchaa fi hoogganaa dhufanii jiru. Hojiin kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa eessattuu amantaa ummataa horachuu,garagahiinsa abbootii dhimmaa dabaluu fi komii hawaasin mana murtii irraa qabu hir'isuun sirna haqaa bu'a qabeessa ta'ee fi fudhatama qabu kennuuf kan hojjataniidha.Kana milkeessuuf immoo seerota adeemsaa irratti sirna adda addaa diriirsuun dhaddacha qajeelchaa kan deeman akka ta'e haala dhufaatiii hojii manneen murtii irraa hubachuun ni danda'ama.Hoggansi dhaddachaa hojiin inni irratti xiyyeeffate dhaddacha hoogganuu yookiin qajeelchuu ta'us biyyoonni adda addaa maqaa wal fakkataa kan fayyadaman osoo hin taane maqaa adda addaa kan akka sirna mana murtii(rule of court),Naamusa Dhaddachaa(Court Room Etiquette),Adeemsa Dhaddachaa(court procedure),fi kkf jechuun hojimaataa fi naamusa abbootiin seeraa, abukaattonnii fi hordoftoonni dhaddachaa yeroo dhaddachaatti hordofuu qaban qopheessuun hojii irra oolchanii jiru.

Seenaa Itoophiyaa keessatti yeroo dheeraaf Hoggansa dhaddachaa wanti jedhamu beekkamuu baatullee abbootiin seeraa naamusa qabaachuu qaban ilaalchisee yeroo jalqabaaf tumaan argannu Fitihaa Nagast keessattiidha.[11] Fitihaa Nagast keewwata 43 irratti naamusa abbootii seeraa ilaalchisee qajeelfamoonni kan argaman yoo ta'u isaanis:-*Abbootii seeraafi namoota ragoota ta'aniif dhuga qabeessa ta'uun barbaachisa dha;Safuu, fi qeeqa irraa kan fagaate haa ta'u.Dafee jaalachuu, dafee baruuf, tokkos jaalachuuf kan ture haa ta'u, yeroo dallansuu kan obsu, fuula namaa ilaalee aantummaan hojjachuu irraa kan fagaate haa ta'u;Yeroo muuddus ta'ee yeroo murteessiteef tokkoo irraa iyyuu matta'a fudhachuu hin qabdu;Namoota wal-dhaban keessaa isa tokko foo'uun erga adda baasaniin boodas tokko hambisanii tokko irraa fudhachuun hin malu;tokko galchanii isa kaan turi jechuun hin barbaachisu tokkoon taa'i isa tokkoon immoo dhaabbadhu dubbadhu jechuun hin qabu;tokko dhaggeeffatanii tokko immoo ifachuun hin barbaachisu;tokko isaanis gurraan (dhoksaan) hin dhaggeeffatin.*Kan jedhu akka fakkeenyatti caqasuun ni danda'ama.Fitihaa Nagast keessatti isa ibsameen ala guddina seeraa biyya keenya

[11] . Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.

wajjiin wal-qabatee barmaatileeni fi barreeffamaan sirnoota adeemsa murtii jiraniin hojjatamaa tureera.[12]

Seenaa Itoophiyaa keessatti Seeraa fi abbootii seeraaf kabaja guddaatu keennama. "adaraa seeraa"(be hig amlak) yoo jedhame iddoo ragaa fi namni adda baasu hin jiretti namni miidhaa geessiisuuf dhufe gochaa isaa haalli itti dhiisuun deemu ture. 'Adaraa seeraa iddoo murtii haa deemnu' yoo jedhames osoo qaamni dirqisiisu hin jiraatiin wajjiin haalli itti deemaniifi waldiddaa isaaniitif akkaataan furmaata itti argatan ture. Kunis kan agarsiisu hawaasni kabaji seeraafi abbaa seeraatiif qabu kan seenaa ture qabu ta'uu isaati. Inni kunis akka aadaa ta'ee dhalootaa gara dhalootaatti darbaa kan dhufee fi haawasa wajjiin kan walhidhate dha.[13] Hanga yeroo dhiyoo seenaa Itoophiyaa keessatti hojiin bulchiinsii fi abbaa seerummaa tokko ture. Mootii irraa kaasee hooggantoonni jalaa angoon bulchiinsaa isaanii kan hojii abbaa seerummaa wajjiin walqabate ture. Kabajni hooggansi barbaadu hojii abbaa seerummaa irrattis akka calaqisifame ni tilmaamama. Mootiiniifi hooggantoonni namoota isaani gadi jiran haalli kabajaan itti keessummeessan hin turre.[14]

Mootoonni yeroo iddoo tokko irraa gara biraatti socho'an dukkaana yookiin gaaddisa mukaa jala taa'uun hojii abbaa seerummaa fi haqa kennisiisuu yeroo raawwatan hoggansi dhaddachaa haalaa baratameen (aadaan) gaggeeffama ture. Kutaa (gaabii) yookiin ‘naxalaa’ ol dachaasanii uffachuunii fi gadi jechuun lafa tuquun goonfoo yoo godhatanis baasanii harkatti qabachuun iyyata isaani dhiyeeffachaa turan.[15]

Abbootii seeraa Itoophiyaatiif muuxannoo akka qoodaniif jecha ogeeyyiin seeraa biyya Ingliizii lammiilee Itoophiyaa wajjiin mana murtii ol'aanaatti ramadamanii kan hojjachaa turan yoo ta'u inni kunis sirni dhaddachaa haala baramaa amma manneen murtii keessatti itti hojjatamaa jiran akka jiraatan gumaacha taasisee jira.[16]

---

[12] . Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.

[13] .Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.

[14] .kan olii

[15] .Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.

[16] . Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame

Itoophiyaan gara sirna seera ammayyaatti yeroo guddachaa turtetti seera deemsa falmii siviilii fi yakkaattif seeronni akka cee'umsatti gargaaran ba'anii turan.Adeemsa hojii abbaa seerummaa ilaalchisee labsiin ba'e lakk. 2/1934 kew. 20 jalatti manneen murtii dambii adeemsa hojiif isaan gargaaru qopheeffachuun Ministeera Murtii eeyyamsiisuun akka itti hojjatan kan tumame ta'u kan walitti aansun ba'an dambiiwwan naamusaa osoo hin ta'in wa'ee galmeessa abukkaattootaa, adeemsa ol'iyyannoo fi kaffaaltii abbaa seerummaa kan fakkaatani dha.[17]

Naamusa abbootii seera haala guutuu ta'een qopheessuufi hojii irra akka oolu gochuuf yaaliin kan taasifame labsiin lakk. 323/65 erga ba'een booda ture. Bu'uuruma kanaan gumiin bulchiinsa abbootii seeraa kan hundeeffame yoo ta'u, hoggansa hojii fi naamusa abbootii seeraa ilaalchisee dambii akka baasu aangoon kennameefi qajeelfama qabxiilee 22 qabu kan qopheesse ta'us qajeelfama keessaa qofa ta'e akka tajaajilu waan murtaa'eef haawasa birattis ta'e abbootii seeraa biratti sirritti hin beekamne.[18]

Bara 1968 labsiin lakk.52/68 yeroo labsamu naamusa ilaalchisee labsii lakk.323/65 wajjiin qajeelfamoota walfakkaatan qabaatus isa kana irrattis qajeelfamni naamusaa ifatti labsame hin turre.Bara 1980 Mannii Murtii Waliigalaa dambii keewwattoota 27 qabu baasee ture. Dambichi qajeelfama Ministeera Murtiin ba'eefi dambiiwwan biyyoota biroo wajjiin kan walfakkaatu ture. kan adda isa godhu abbootii seeraa danbichaan bulaniin ragga'uu isaati.Qabiyyee Keewwattoota dambicha keessatti hammataman keessaa raawwii hojii ilaalchisee:-*Bilisummaa abbaa seerummaa kaayyoo seeraatiif oolchuu; Seerota haala sirrii ta'een hojii irra oolchuu;Mirga abbootii dhimmaa haala walqixa ta'een eeguu;Tattaaffii fi dhamaatii agarsiisu;beellama baay'isuu dhiisuu;Hojii isaaniitiin kabaja mana murtii eeguu;Abbootii seeraa biroo wajjiin waliigalteen hojjachuu;Obsaan dhaggeeffachuu fi yaada namootaa fixachiisuu* fi *falmitoota to'achuu* kan jedhu keessatti hammatamee jira.Qabiyyee kana irraa wanti hubatamu hojiin kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa naamusaa fi itti gaafatamummaa ol'aanaan raawwachuu akka qabuu fi mirgi abbootii dhimmaa dhaddacha irratti qaban akka kabajamu,akkasumas hojiin adeemsa dhaddachaa akka hin gufanneef dursee akeekkachiifni kennamuu akka qabu keessatti kan mul'ate ta'uudha.

[17] .Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame

[18] . Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame

kan armaan olitti ibsameen alas qajeelfamichi kun waa'ee Naamusa Ilaalchisee qabxiilee heddu kan hammate yoo ta'u isaanis:-*Qalbeeffachuu fi hojjii irratti of- eeggannoo gochuu;namusa qabaachu;Kabajaa hin maalle fi seeratti amanuun hojjachuu ;Yeroo hojii kabajuu;Icciitii dhimmoota murtii hin argannee eeguu;dhimmoota baqachuu dhiisuu ;Waa'ee dhaddacha irraa ka'uu;matta'aa fudhachuu dhiisuu;ammaalaajummaan hojjachuu dhiisuu;Aangoo faayidaa dhunfaaf itti fayyadamuu dhiisuu;Hojiin abbaa seerummaa faayidaa dhunfaa wajjiin akka walitti hin buune gochuu tumaalee jedhan kan qabate yoo* ta'ellee qajeelfamin kun sadarkaa barreeffamaa qofa irra darbuun gara qabatama hojii keenninsa tajaajila abbaa seerummaatti wanti jijjirame hin turre.Aadaan yookiin barmaanni mana murtii fi abbaa seeraa sodaachuu,akkasumas abbootiin seeraa matta'aa fudhachuun,sa'aatii hojii kabajuu dhabuun,dhimmoota siyaasaa fi dantaa ummataa qaban baqachuu,ammalajummaa fi kkf hafuu hin dandeenye.

Yeroo ammaa kana Mana Murtii Waliigalaatiin kan ba'ee fi abbootii seeraa mana murtii Waliigalaatif mariif dhiyaate ragga’e kan hojii irra oole qajeelfamni hojimaata dhaddachaa fi naamusa abbootii seeraa dambiiwwan armaan dura ba'an hunda irraa addaadha. Wantoonni qajeelfama kana adda taasisaan kan jiran yoo ta'u kunis:-Hojimaata dhaddachaa fi naamusa jechuunis dhimmi tokko mana murtitti yeroo dhiyaate irraa kaasee hanga murtii dhumaa argatutti adeemsa dhaddachaa jiruufi naamusa abbootiin seeraa, falmitoonni, namooti dhaddacha irratti argamana hordofuu qaban ifatti kan agarsiisu ta'uu isaati;Miira tajaajilummaa hawaasaa giddu gala gochuun kan qophaa'e ta'uu isaa;yeroo jalqabaaf dhimmoota barmaatileen adabsiisaa turan hambisuun iddoo isaanitti gochaalee hojimaata dhaddachaa jeequu danda'anii fi dhoorkaman tokko tokkoon kaa'uun isaa akka ijootti ilaalamu ni danda'u;Waggoota dhihoo asi hojiin abbootii seeraa akka madaalamuu danda'u hubannoo argachaa dhufeera. Hojii abbootii seeraa madaaluun abbootiin seeraa qabxiiwwan madaallii sana irratti qofa xiyyeeffachuun dhimmoota biroo akka dagatan gochuu danda'a, madaalliin abbootiin seeraa ofi isaanii irratti amantaa akka hin qabaannee taasisa bilisummaa abbaa seerummaa ni miidha qaamoleen jedhan jiraatanis, kan madaalamu murtee abbaa seerichaa osoo hin ta'in cimee hojjachuu isaatiin dhimmootaaf furmaata laachuun fayyadamtootaaf bu'aa buseen waan ta'eef faayidaa malee miidhaa hin qabu yaadni jedhu fudhatama argate sochiiwwan qabatamaa tokko tokko taasifama jiru. Madaalliin ilaalcha hawaasaas kan hammate waan ta'eef hanqinaalee naannoo mana murtitti mul'atan tokko tokko sirreessuun kaka'uumsa hojii abbootii seeraa fi kabaji hawaasaaf qaban akka dabalu gama gochuutiin shoora guddaa taphata.

Gaaffilee Marii

1. Biyyi yeroo jalqabaatiif sirna hoggansa dhaddachaa hojii irra oolchite tami? beekuun ni danda'amaa? Seerota deemsaa keessatti akkataa dhaddachi itti qajeelfamuu qabu kan tumamee jiru yoo ta'e ,qajeelfama hoggansa dhaddachaa goonee fudhachuu dandeenyaa?
2. Sababoonni Qajeelfamni naamusa dhaddachaa armaan olitti ibsaman akka lafa hin qabanne godhan maal fa'a?
3. Qajeelfama naamusa dhaddachaa baasuun qofti ,iddoo itti gaafatamummaan hin jirreetti bu'aa busuu danda'aa?
4. Qajeelfamni naamusa dhaddacchaa jijjirama fiduu kan danda'u yoo maal ta'eedha?
5. Hoggansi dhaddachaa biyya keenyaa kan biyyoota armaan olitti ilaallee keessaa irra caalatti kan biyya kamiitiin wal fakkata? biyyi keenya muxannoo hoggansaa biyyoota biroo fudhattee jirti jechuu dandeenyaa?akkamiti?
6. Abbootiin seeraa biyya Ingiliizi biyya keenya dhufuun mana murtii keessa hojjataa kan turanii fi abbootii seeraa keenyaaf muxannoo qoodaa kan turan akka ta'e armaan olitti ibsamee jira.Haala kanaan abbootii seeraa lammii biyya biroo fiduun mana murtii biyya keenya keessa hojjachiisuun birmadummaa biyyatti waliin akkamitti ilaalama? Abbootii seeraa biyya Ingiliizi fidanii dhaddacha hojjachiisuu caalaa,leenjii abbootii seeraa biyya keenyaaf akka kennaan osoo godhamee irra gaarii hin ta'u turee?

Boqonnaa Lama

2.1.Seensa

Yaadarimeen hoggansa dhaddachaa yeroo dheeraaf manneen murtii keessatti hojii irra oolaa kan ture yoo ta'ellee akkataa barbaadamuun jijjirama mula'taa fiduu hin dandeenye.Sababni kanaa immoo xiyyeeffannoon gama mootummaan keennamaa ture lafaa ta'uu;barbaachisummaa hoggansa dhaddachaa irratti hubannoon abbootii seeraas ta'ee hawaasa mana murtii bira jiru xiqqaa ta'uu;Sirni naamusa hoggansa dhaddachaa lafa qabsiisuuf gargaaruu iftoomina dhabuu fi sirni itti gaafatamummaa harcaatii naamusaa hoggansa dhaddachaa waliin wal qabatee uumamu mirkaneessuu gadi bu'aa ta'uu fi kkf akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.Boqonnaa kana keessatti hoggansa dhaddachaa,barbaachisummaa qajeelfama naamusa dhaddachaa ,waa'ee naamusa dhaddachaa muxannoo biyya keenyaa fi biyyoota biroo,qabiyyee naamusa dhaddachaa mana murtii waliigala oromiyaatii lakk.8/2004 bahee fi waa'ee dhaddacha jeequu seera yakkaa ,seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa fi Labsii gurmaa'innaa fi aangoo manneen murtii oromiyaa irra deebi'iin hundeessuuf bahe labsii lakk.216/2011 jalatti hammataman dhimma qabatamaan deeggaruun kan keessatti ilaallu ta'a.

2.2.Kaayyoo Gooree

Xumura leenjii kanaa Booda Leenjifamtoonni:-

- Dhaddacha qajeelchuu/hogganuu/ jechuun maal akka ta’e hubannoo ni argatu.
- Yaad-rimee dhaddacha jeequu jedhu ilaalchisee hubannoo qaban ni gabbifatu. muuxannoon biyyoota hambaas maal akka fakkaatu ni ilaalu.
- Dh/jeequu ilaachisee biyya keenyatti hammatni seeraa jiruu fi manneen murtiitiin haala akkamiin hiikamuu qaba kan jedhu ni xiinxalu,
- Dandeettii dhaddacha qajeelchuu ni horatu,
- *“Manni murtii kabajamuu qaba malee sodaatamuu hin qabu”* ilaalcha jedhu dhaqneeffachuun hojii irra oolmaa isaatiif kuteenyaan ni hojjetu jedhameetu eegama.

2.3.Hoggansa Dhaddachaa

Hoggansa yookiin qajeelcha dhaddachaa jechuun maali akka ta'eefi akka waliigalaatti dhimmi tokko Mana Murtiitti dhihaatee hanga murtii dhumaa argatutti adeemsaa fi hojmaata hojii dhaddachaa fi naamusa A/Seeraa, Abbootiin dhimmaa, Abukaattonni, A/Alangaa, fi hordoftoonni dhaddachaa hordofuu qaban kan ilaallatuu akka ta'e mata duree maalummaa hoggansa dhaddachaa jalatti armaan olitti ilaallee jirra.

Nama tokkoon dhaddacha jeeqxee jirta yookiin naamusa dhaddachaa hin kabajne jechuudhaan adabamuun dura, dursee naamusni dhaddachaa kabajamuu qabu maal akka ta’e ifaan beekamuu qaba. Kana yoo hin ta’in naamusa dhaddachaa kabajuunis ta’e kabachiisuun rakkisaa dha.

2.4.Barbaachisummaan Qajeelfama Naamusa Dhaddachaa:

Abbaan dhimmaa gara mana murtii yemmuu dhufu karaa haqaa fi seera qabeessa ta'een mirga kiyya ni argadha yaada jedhu bu'uura godhachuun.Kana argachuuf immoo manni murtii haala sirna qabeessa ta'een kan nama keessummeessuu fi iddoo namni naamusa hin qabne muudatutti immoo tarkaanifii sirreeffamaa fudhataa kan deemu ta'uu qaba.Tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun mana murtii iddoo sodaatamaa gochuuf osoo hin taane iddoo kabajamuu qabu gochuu irratti dabalataan iddoo namni hundi mirgi kiyya itti naaf kabajama jedhee yaadu ta'uu qaba.Hojiin mana murtii keessatti abbootii seeraa fi hawaasa mana murtiin hojjatamu hundi qajeelfamaan kan hin hoogganamne yoo ta'u aangoo garmalee fayyadamuu,ol'aantummaa seeraa caalaa ol'aantummaan nama dhuunfaa keessatti kan calanqisu fi iddoo al naamusummaan adda addaa itti baay'atu ta'uu danda'a.Hojiin kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa ofi eeggannoo fi qulqullinna ol'aanaan kan hin raawwatamne yoo ta'e ummanni mana murtii irraa amantaa waan dhabuuf guddinna sirna haqaa biyya tokkoo keessatti gufuu guddaa ta'uu dand'a.Kanaafu hojiin mana murtii keessatti hojjatamu rakkoolee wal xaxaa fi rakkisuuf akka hin saaxilamne qajeelfamaa fi sirna adda addaa diriirsuun hoogganaa deemuun barbaachisaadha.Hojiin kenniinsa abbaa seerummaa hojii ijoo mana murtii yoo ta'u kunis kan hojjatamu dhaddacha ifaa fi bilisaa irrattiidha.Dhaddachi mana murtii sirnaa fi amala mataa isaa qaba.Sirna dhaddachaa kana hoogganuuf immoo yeroo dheeraaf seerri ifatti dhaddacha hoogganuuf bahe jiraachuu baatus seerotuma deemsaa fi muummee akkasumas barmaatilee fi murtiilee adda addaa bu'uura godhachuun hoogganamaa kan ture akka ta'e seenaa dhufaatii fi guddinna manneen murtii

keenyaa irraa hubachuun ni danda'ama.Yeroo ammaa qajeelfamni hojii dhaddachaa hoogganu kan ba'ee jiru yoo ta'u barbaachisummaan isaas:-

- Hojiin abbaa seerummaa hojii itti gaafatamummaa ol'aanaa qabu ta'uu isaatiin naamusa ol'aanaa kan barbaadu waan ta'eef;
- Naamusin ol'aanaan kun yeroo hundumaa kan barbaachisu ta'uun isaa akkuma eegamutti ta'ee ,bu'uurumatti kan calanqisuu qabu adeemsa dhaddachaa keessatti waan ta'eef;
- Naamusa sirna dhaddachaa kabajuudhaafis ta'ee kabachiisuudhaaf immoo duraan dursee sirni dhaddachaa kabajamuu qabu maal maal akka ta'e abbootiin murtii ,gareen falmitootaa,namoonni adeemsa dhaddachaa hordofuuf dhaddacha irratti argamanii fi kan biroos akka beekanii fi ittiin hoogganaman gochuuf;
- seenaa manneen murtii keessa dabarsaan kan ilaallu yoo ta'u manneen murtii keenya jidduutti garaagarummaan kan mul'atuu fi iftoomina kan hin qabne ta'uu hubachuudhaan raawwiin isaa haala wal fakkeenya qabuun akka gaggeeffamu gochuun barbaachisaa waan ta'eef;
- Amantaa ummanni kenniinsa tajaajila sirna haqaa irraa qabu cimsuuf jecha dhaddachi lammiileef haala mija'aa uumuudhaan tajaajilamtoonni dhaddacha sodaa malee dhimma yookiin falmii isaanii waltajjii haqaa kan ta'e dhaddachatti dhiyeeffachuu akka danda'an taasisuuf;
- Seeronnii fi dambiileen hojii irra jiran akkuma jiranitti ta'ee,sirna dhaddacha ifaa fi gara hundaan bu'a qabeessa ta'e diriirsuun barbaachisaa waan ta'eef;
- Hojiin dhaddachaa sirna wal duraa duuba isaa eeggateen akka gaggeeffamu.
- Abbootiin dhimmaa mirga isaanii beekuun si'aayinaa fi qulqullinna hojii mana murtiif gahee guddaa waan qabuuf mirgaa fi dirqama isaanii beeksisuu fi barsiisuuf.
- Abbootiin seeraa akkuma feeteen abbaa dhimmaa adabuu,hojii laaffisuu,fi kkf irraa akka ofi qusatan daangaa kaa'uu fi aangoo isaanii garmalee akka hin fayyadamne daangessuuf.
- Haalli kessummeessa abbaa dhimmaa fi dhimmootaa ulaagaa akka qabaatuuf.
- Qaamni ilaallatu hundi sirriitti hubatee naamusa dhaddachaa akka kabajuu; fi abbootiin seeraas aangoo battalumatti adabbii dabarsuu isaaniif kenname gar-malee akka hin fayyadamne naamusni dhaddachaa kabajamuu qabu maal maal akka ta’ee tumuun barbaachisaadha.

2.5. Naamusa Dhaddachaa Muuxannoo Biyyoota Biroo

Hojiin kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa naamusa ol'aanaa kan barbaadu ta'uu isaatiin biyyoonni addunyaa irra jiran qajeelfama naamusa dhaddachaa karaa adda addaatiin baafatanii kan qabaniidha.Akka fakkeenyaatti biyyoota muraasa naamusin dhaddachaa isaanii fakkeenyummaa qabuu fi naamusa dhaddachaa biyya keenyaatiin walitti dhiyeenya qabu akka armaan gadii kanaatti kan ilaallu ta'a.

2.5.1.Qajeelfama Naamusa Dhaddachaa Mana Murtii Biyya Ameerikaa Magaalaa Niwuu Holistiyeen ('New Holstein' Ameerikaa)

Qajeelfamni kun Naamusa dhaddachaa('*Court conduct'*)jedhamuun beekama.Qajeelfamni hojii dhaddacha hoogganuu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef gochoota dhaddacha irratti dhoorkamanii fi raawwatamuu qaban(*Court Room Etiquette Do's and Don'ts in the Court Room'*) ifatti addaan baasuun tarreessee kaa'ee jira.[19] Qajeelfamin kun seera akka ta'eefi abbootiin dhimmaa hundi qajeelfama kana kabajuu kan qaban ta'uu fi kabajuu dhabuun yakkaan kan adabsiisu ta'uus qajeelfamichi kaa'ee jira.Akkataa qajeelfamni kun kaa'een wantoonni dhaddacha irratti raawwatamuu qaban hundi haala kabaja mana murtii eegeen ta'uu akka qabu yoo ta'u isaanis:-[20]

- Yemmuu maqaan abbaa dhimmaa waamamu awwaachuu *Do answer when your name is called)*
- Gaafa beellamaa dhimma kee irratti qophaa'ii dhihaadhu *(Do have your case ready on trial day)*;
- Gaafa beellamaa ragoolee kee qabadhuu dhihaadhu (Do bring all your witnesses to court on trial day) ;
- Yoo barbaachisaa ta'ee abukaatoo kee qabadhuu dhihaadhu (Do have your attorney present, if needed); jechuun wanta abbaan dhimmaa godhuu qabu ifaan kaa'ee jira.

Gama biraatiin immoo wantoonni abbaan dhimmaa gara mana murtii yookiin dhaddacha dhufan irraa ofi qusachuu qabanis ifaan kan kaa'e yoo ta'u isaanis:[21]

---

[19] . New holestein Municipal court court procedure http://www.newholestein.org/court-procedure.htm

[20] . New holestein Municipal court court procedure http://www.newholestein.org/court-procedure.htm

[21] . New holestein Municipal court court procedure http://www.newholestein.org/court-procedure.htm

- Guyyaa beellama mana murtii hin barfatiin (Don’t be late for your court date) ;
- Dhaddacha irratti kalooyitaa/koofiyaa hin godhatin *(Don’t wear a hat in the court room)* ;
- Dhaddacha irratti aanyoo hin alaanfatin yookiin nyaata hin nyaatin *(Don’t chew gum or eat in the court room*);
- Dabaree kee malee yookiin osoo siif hin hayyamamin dubbattee adeemsa dhaddachaa hin jeeqin yookiin hin unkurin *(Don’t talk out of turn or disrupt the court)*.kan jedhuudha.

Haala kanaan wantoota dhaddacha irratti dhoorkaman ifa gochuun isaa hojiin dhaddachaa akkataa karoora qabamee jiruun akka raawwatamuu kan gargaaruufi abbootiin seeraa fi abbootiin dhimmaa jidduutti wal hubbannoon fallaa akka hin jiraanneefi kan gargaaruudha.

2.5.2.Qajeelfama Naamusa Dhaddachaa Mana Murtii Biyya Ameerikaa Magaalaa Marifii fi piirlaandi(‘Murphy’ fi ‘Pearland’(Ameerikaa))

Qajeelfamni Hoggansa Dhaddachaa kun akka afaan isaaniitti *'Rules of Court Decorum’* jedhamuun beekkama.Qajeelfama kana keessatti yeroo dhaddachaa gochoota dhoorkamanii fi raawwatamuu qaban addaan baasuun kaa'ee jira.Gochoonni dhoorkaman abbootii dhimmaa fi qooda fudhattoota dhaddachaatiin kan raawwatamuu qaban yoo ta'u,gochoonni raawwatamuu qaban immoo duchumatti raawwatamuu qaban jechuun kan tume osoo hin taane eenyu maali raawwachuu akka qabu addaan baasuun kaa'ee jira.Haala kanaan addaan baasee ka'uun qajeelfamichaa immoo dirqama fi itti gaafatamummaa ol'aanaa qaama akka raawwatamu jedhame irratti kan gatee fi miirri itti gaafatamummmaa guddaan akka itti dhagayamu gochuu qofa osoo hin taane qaama qajeelfama kana cabse adda baasuun salphumatti tarkaanfii fudhachuuf kan gargaaru waan ta'eef akka fakeenyummaa gaariitti fudhatamuu kan danda'uudha. Qajeelfamichi mana murtii magaalaa kanaa qajeelfama manneen murtii mootummaan Teeksaas baasee irratti kan hundaa'e akka ta'ee fi hojiin adeemsa dhaddachaa guyyaa guyyaa kan eegalu barreessaan dhaddachaa yookiin dhaddacha kabajchiisaan yemmuu abbootiin seeraa gara dhaddachaa seenan hirmaattoonni dhaddacha keessa jiran akka ka'an erga godhee boodaadha.[22]Akkataa qajeelfama mana murtii kanaatti sirni ol ka'uu hirmaattoota dhaddachaa kan jiru yoo ta'u sirni kunis kan raawwatamu yemmuu A/Seeraa dhaddacha seenuu fi bahu (When the judge enters and leaves),Yeroo abbaa seerichaa dubbisan (*When addressing the judge)*, Sanadoota, ciraa fi ragaalee biroo dhiheessuun yeroo barbaachisaa ta’ee fi garee kaan

[22] . Murfy municipal court rules of court decorum http://www.murfytx.org/court//decorum.asp

irratti yeroo mormii dhiheessan (*When objecting to opposing counsel)* ol ka'uu qaban jechuun kaa'ee jira.[23]Gochaalee dhaddacha irratti dhoorkamanii fi gochaalee naamusaa himatamtoonni abukaatoon falmatan yookaan ofii isaaniitiin falmatanii fi abukaatonni dhaddacha irratti gochuu qaban mata duree ofi danda'e jalatti adda baasuun kan tumee jiru yoo ta'u bal'innaan akka armaan gadii kanatti kan ilaallu ta'a.

2.5.2.1.Akkataa Qajeelfama Kanaatiin Gochoota Dhaddacha Irratti Dhorkaman.

- *Dhaddacha irratti tanboo xuuxuu,*
- *Gaazexaa yookiin barruulee dubbisuu,*
- *Miilla wal irra maranii taa'uu,*
- *Sagalee dhageessisuu yookiin haasawuu,*
- *Aanyoo alanfachuu, nyaata nyaachuu yookiin dhugaatii dhuguu,*
- *Dhimmoota dhaddacha irratti dubbataman sirrii ta'uu yookiin ta'uu dhiisuu isaanii mallattoo yookiin ibsa fuulaatiin yookiin sagaleen ibsu (Gesture, facial expressions, or sound indicating approval or disapproval),*
- *Uffannaa sirrii hin taane uffachuu,*
- *kootiwwan gurgurdaa uffachuu,*
- *meeshaa elektiroonikssii hin cufamne qabachuu,*
- *karahaa qabachuu (cigarette lighters) fi*
- *Meeshaa waraanaa gosa kamiyyuu qabachuun dhorkaa akka ta'an qajeelfamichi ni tuma.*

2.5.2.2.Naamusa Abukaatoo fi Falmitootaa.

[23] . Murfy municipal court rules of court decorum http://www.murfytx.org/court//decorum.asp

- *Abukaatoowwan hayyama mana murtiitiin ala gama dhaddachaatti siiquu fi haala iccitaawaa fakkaatuun dhaddacha dubbisuu hin qaban (Ex-parte communication),*
- *Dhaabbiilee sab-qunnamtii waliin waa'ee dhimmichaa mari'achuun dhorkaa akka ta'e,*
- *Maamilootaa fi ragoolee isaanii waa'ee adeemsaa fi naamusa dhaddachaa akka beekan gochuuf dirqama akka qaban,*
- *Manni murtii yoo hayyameef malee dhaddacha irratti qixaan uffachuu akka qaban,*
- *Gareen falmitootaa hundi yeroodhaan dhaddachatti argamuun dhimma isaanii hordofuu akka qaban,*
- *Garee tokko dhaddacha duratti si'a tokko dhihaatee jennaan bahuuf hayyama mana murtii akka isa barbaachisu,*
- *Falmiin, mormiinii fi yaadni dhihaatu hundi gamuma mana murtiitti akka qajeelu malee gama garee kaaniitti akka hin taane,*
- *Mormiin dhihaatu bu'uura seeraatiin ta'uu akka qabuu fi yaada tokko irratti mormiin yoo dhihaate mormicha irratti wanti tokko osoo hin jedhamin hayyama mana murtiitiin ala yaadni biroo keessummaa'uu akka hin dandeenye tumameera.*

2.5.2.3.Naamusa Barreessitootaa fi Kabachiiftota Dhaddachaa

- Dhaddacha kabachiisuuf yeroo dhaddachi geggeeffamu yookiin yeroo biraa barreessitoonni yookiin kabachiiftonni dhaddachaa dhaddacha irratti argamuu qabu.[24]
- Kabajchisaan yookiin kabajchiistonni dhaddachaa, dhaddachi yeroo hojii irra jirutti eeyyamaan ala ba'uu hin danda'an. Abbaan seeraa osoo hin beekin hojii biraa akka hojjatu ajajamuu hin danda'u.
- Kabajchiisaan dhaddachaa alaabaan Amerikaa fi Teeksaas bakka dhaddaachaatti fanniffamuu isaanii ni mirkaneessa.
- Kabajchiisaan dhaddachaa qajeelfama naamusaa fi dikoramii ni raawwachiisa, ajaja biraa abbaa seeraatiin laatamuuf ni raawwata.

[24] . Murfy municipal court rules of court decorum http://www.murfytx.org/court//decorum.asp

- kutaa dhaddachaa keessatti abbaan seeraa bakka hin jirrettis ta’e, yeroo jiru, namootni dhaddacha keessa jiran ajaja barreessituu yookiin kabachiiftuu dhaddachaatiin kennamu gaaffii tokko malee fudhachuu yookiin kabajuu qabu. [25]Qabxiileen naamusa dhaddachaa biyyoota lameen armaan olitti ilaallee kun biyyoota baay’ee keessatti ni argamu.Biyyoota biroo keessatti immoo qabxiileen dabalata ni jiru. **Kunis :-** Ragooleen sirnaan qabamuu akka qaban, Itti qoosuun dhorkaa akka ta’ee fi MM duraan dursee ragooleen waa’ee naamusa dhaddachaa akka beekan gochuu akka qabu akkasumas, Dokteerotaa fi ogeeyyoonni biroo, amala ogummaa isaanii irraa kan ka’ee dursa kennamuufii akka qabu ni tuma. Ragooleen sirnaan qabamuu akka qaban, Itti qoosuun dhorkaa akka ta’ee fi MM duraan dursee ragooleen waa’ee naamusa dhaddachaa akka beekan gochuu akka qabu akkasumas, Dokteerotaa fi ogeeyyoonni biroo, amala ogummaa isaanii irraa kan ka’ee dursa kennamuufii akka qabu ni tuma,Ragooleen sirnaan qabamuu akka qaban,Itti qoosuun dhorkaa akka ta’ee fi MM duraan dursee ragooleen waa’ee naamusa dhaddachaa akka beekan gochuu akka qabu akkasumas, Dokteerotaa fi ogeeyyoonni biroo, amala ogummaa isaanii irraa kan ka’ee dursa kennamuufii akka qabu ni tuma.

2.5.2.4.Qajeelfama Naamusa dhaddachaa mana murtii Magaalaa *Lakeway* :

Qajeelfamni naamusaa magaalaa kanaa kan biroo irratti dabalataan Sirna uffannaa ilaalchisee uffannaan abbootii dhimmaatiin yookiin qooda fudhattoota dhaddachaatiin uffatamuu qabu uffata kabajaa mana murtii eeguu yookiin mana murtiif kabaja argisiisu ta'uu akka qabuu fi yemmuu dhaddacha seenan wantootanni mataa irra kaa'atan kan amantii mul'isuu waan akka kooffiyyaa amantaa,amamaa(*religious hats or materials, such as yashmak or turbans*”) fi kkf yoo ta'e malee waan akka mallayyoo kan bashannanaaf yookiin haala qilleensaa ofirraa ittisuuf godhatamu yoo ta'ee immoo dhoorkaa akka ta'ee fi baafachuu akka qaban ni tuma.[26]

[25] . Murfy municipal court rules of court decorum http://www.murfytx.org/court//decorum.asp

[26] .Barreeffama qabxii humna qabanii(Power point) leenjifamtoota leenjii hojiin duraatiif ILQSO tti leenjisaa Gammachuu Niguseetin bara 2011 qophaa'e

2.6.Qajeelfama Naamusaa Dhaddachaa Magaalaa Laankaasteer(Lancaster count court of common Pleas)

Qajeelfamni magaalaa kanaa Mata-duree *Standard for court decorum* jedhuun kan qophaa'eedha.Dhimmoota qajeelfamni naamusaa armaan olitti ilaallee hammate hedduu isaa kan ofi keessaa qabu yoo ta'u dabalataan immoo dhimmoota naamusa abukaatootaa waliin wal qabatu hedduu ofi keessatti qabatee jira.Dhimmoonni naamusaa abukaatoon wal qabataan kunis akka armaan gadiitti ibsamanii jiru.[27]

- *Abukaatoonni dhaddachatti yeroo dubbatan yookiin himatan "Kabajamaa mana murtii" 'your honor' yookiin "eeyyama mana murtii yoo ta'e" 'may it please the court', "Kabajamaan manni murtii ragaa dhiyaate akka yaadatutti", 'The court will remember the testimony' kan jedhaniifi jechoota biroo barbaachisoo ta'anitti fayyadamuu qabu.*

- *Abukaatoonni dhiiraa dhaddacha iraatti yeroo dhiyaatan kootii shamiza fi "karabaati" hidhachuu qabu. Abukkattoonni dubartoonnis haala wal fakkaatuun uffachuu qabu.*

- *Abukaatoonni armaan dura maqaa muudamaa abbaa seeraa, seenatara, fi kkf qaban turan yeroo dhaddacha irra jiranitti maqaa kanaan fayyadamuu hin qaban yookiin maqaa kanaan waamamuu hin qaban.*

- *Yeroo hojii Juurii akka hin fudhanne fi falmii fi murteen yeroo gabaabaa keessatti akka dhumu, Abukaatoonni ijoowwan seeraa gurguddoo dursanii tilmaamuun walga'ii falmiin duraa (pretrial conference) yookiin himataan dura ibsa dhihaachuu danda'u dhiyeessuu qabu.*

- *Abukaatoonni abukkaattoo garee biraa, jalqabaa fi dhuma mormii irratti obboo, aaddee, dubree jechuun waamuu qabu.*

- *Abukkaattoon dhaddacha irratti maamila isaa dubbisuu barbaadu dursee dhaddacha irraa eeyyama argachuu qaba.*

---

[27].Lancaster cournt court of common pleas Lancaster cournt court of common pleas http://www.co.lancaster.pa.us/court/cwp/asp

- *Abukaatoonni, maamiloonnii fi ragooleen isaanii yeroo dhaddachi hojii irra jirutti Juurii, ragaawwan garee biraa wajjiin wal argu hin qaban tuumaale jedhan qabateera.*[28]

2.7.Qajeelfama Naamusa Dhaddachaa Mana murtii Sadarkaa olii Kaalifooriniyaa Kibbaa (Superior Court of South California.)

Naamusni dhaddachaa ogummaa keenya waliin wal qabatu qajeelfama hojii mana murtii kanaa irratti tarreeffame kaafnee ilaaluun dhimma keenna waliin kan rogummaa qabu waan ta'eef akka armaan gadii kanatti ilaallee jirra.Akka fakkeenyatti sirna hojii qajeelfama naamusa abbaa seerummaa Mana Murtii Kaalifoorniyaa Kibbaa kana keessatti uwwifame ilaalchisee dhimmoota muraasa akka armaan gadii kanatti kan ilaallu ta'a.Sirna uffannaa Dhaddachaa ilaalchisee: Namni kamiiyyuu haala naamusa qabuu fi ilaalcha nama biraa hin miineen uffachuu qaba.Akka fakeenyaatti fuulleen aduuf jecha godhatamu,mallayyoo,uffatta jechootaa yookiin suuraa hin barbaachifne ofirraa qaban,uffata jechaan,suuraan,haala kamiinuu nama aarsu uffachuun kan dhoorkamu waan ta'eef abbaan seeraa bilisummaa mana murtii fi abbaa seerummaa kabachiisuu qaba jechuun tumee jira.[29]A/S sochii hojii hundarrattuu hojimaata badaa balleessuu qaba;A/s hojii isaa jabinaa fi tattaaffii guddaan bifa wal fakkaatuun hojjechuu qaba;A/S yeroo boqonnaa isaa hojii ogummaa isaatiin walitti bu'an raawwachuu hin qabu;A/Seeraa yookiin kaadhimamaan A/Seeraa sochii siyaasaa hin taane irraa of qusachuu qaba.[30]Jechuun naamusa abbaa seeraa qofa osoo hin taane kan kaadhimamaa abbaa seeraatis tumuun fakkenyummaa gaarii qabuudha.

2.8.Hoggansa Dhaddachaa Manneen Murtii Biyya Keenyaa

Biyya keenyaa keessatti yeroo jalqabaatiif wa'een naamusa dhaddachaa kan eegale Fita Nagast irraa eegaleti.[31]Sana booda manneen murtii biyya keenyaa muxannoo biyyoota biroo fudhachuuf jecha abbootiin seeraa biyya Ingiliizi dhufanii abbootii seeraa keennaaf muxannoon akka kennamu godhamee ture.Kunis abbootiin seeraa biyya Ingiliizi yeroo dhaddacha biyya keenyaa hojjataa turanitti abbootiin seeraa biyya keenyaa isaan waliin ta'uun muxannoo akka irraa argatan godhamaa ture.[32]Wa'een naamusa dhaddachaa haala kanaan biyya keenya keessatti kan eegale

---

[29] . South Carolina judicial summary court bench book http://www.judical.state.sc.us/summurtycourtbenchbool/indec.cfm

[30] . Barreeffama qabxii humna qabanii(Power point) leenjifamtoota leenjii hojiin duraatiif ILQSO tti leenjisaa Gammachuu Niguseetin bara 2011 qophaa'e

[31] . Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.

[32] .Kan olii

yoo ta'e illee baratamaa fi aadaa naannoo mana murtiitti horatameen hojjachuu irra darbuun hanga yeroo dhiyootti qajeelfamni naamusa dhaddachaa hoogganu kan hin baane ture.Qajeelfamni naamusa dhaddachaa of danda'ee akka biyyaatti bahee hojiirra kan oole bara 2001 dha.Qajeelfamni kunis "hojimaataa fi qajeelfama naamusa dhaddachaa Abbaa Seeraa Mana Murtii Waliigala Federalaa " jedhamee beekama.

2.8.1.Qajeelfama Naamusa Dhaddachaa Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Federalaa.

Qajeelfamni kun akkuma muuxannoo biyyoota biroo Mana murtii waliigalaatiin kan qophaa'e yoo ta'u, qajeelfamichi naamusa dhaddachaa ilaalchisee wantoota dhaddacha irratti dhoorkamanii fi raawwatamuu qaban addaan baasee jira.Qajeelfamni kun gochoota dhaddacha irratti dhoorkamanii fi raawwatamuu qaban ifaan tarreessee kan kaa'e yoo ta'u isaanis:-

- Wantoota Dhaddacha irratti dhoorkaman.
- Dhaddacha Ifaan dhimmoota keessummeessuun murteessuu;
- Mirgi Dhagayamuu Kabajamuu;
- Sirnoota A/S dhaddacha irratti hordofuu qaban;
- Tarkaanfiiwwan haala beellamaa fi murtii galmeelee ariifachiisuuf fudhataman
- Dhimmootni akka lafarra hin harkifanne kan ilaallatan;
- Si'oomina beellamaa fi kenninsa murtii ilaalchisee tumaalee adda addaa hammateera.

Hubannoo gahaa uumuuf akka tolutti tokkoon tokkoon dhimmoota kanaa akka itti aanutti bal'innaan kan ilaallu ta'a.

2.8.1.1.Wantoota Dhaddacha Irratti Dhoorkaman.

Hojiin dhaddachaa hojii xiyyeeffannoo fi ofi eeggannoo guddaan raawwatamuu qabu waan ta'eef naannoon hojichaa tasgabbaa'aa,naamusa qabeessaa ,wantoota miira namaa jeequu danda'anii fi dhimma irratti xiyyeeffannoo kennuu nama dhoorkan irraa bilisa ta'uun naannoo mija'aa keessatti raawwatamuu qaba.Kanaafuu wantoonni miira abbaa seeraa fi dhaddachaa miidhuu danda'an dhaddacha irraa fagaachuu waan qabaniif qajeelfamni kunis kanuma ilaalcha keessa galchuun

dhorkii kan kaa'e yoo ta'u akkataa dhoorkaa kanaatiin wantoonni armaan gaditti eeraman kun dhaddacha irratti ta'uu kan hin qabneedha.

- *Bibila moobaayilii haasofsiisuu yookiin dubbisuu*
- *Tamboo xuuxuu,*
- *Sagaleen, mallattoon yookiin karaa walfakkaataa kamiinuu jeequun,*
- *Nyaachuu, dhuguu fi rafuu,*
- *Namni abukaattoon ala ta'e hidhamaa haasofsiisuu,*
- *Meeshaa waraanaa qabachuun dhaddacha seenuu,*
- *Jimaa qama'uu,*
- *Anyoo alanfachuu,*
- *Eyyama malee kaameeraa, sagalee waraabduu fi kkf fayyadamuufaadha.*

2.8.1.2.Dhaddacha Ifaatti Dhimmoota Keessumeessuun Murteessuu.

Namni kamiiyyuu dhimma murtiidhaan murtaa'uu qabu mana murtii yookiin qaama biroo aangoon abbaa seerummaa seeraan kennameefitti dhiyeeffachuun murtii argachuu fi yeroo gabaabaa keessatti mana murtii idileetiin haala addaatiin malee dhaddacha ummataaf ifa ta'etti dhagahamuuf mirga akka qabu Heerri mootummaa Federalaa fi Naannoo jalatti tumamee jira.[33] Nannoo Manneen Murtii Federaalaa Sadarkaa duraatti sababa hir'ina yookiin guutanii argamuu dhabuu abbootii seeraa irraan kan ka'e dhimmoonni dhaddacha ifaatti osoo hin ta'in carraa isaan biirootti ilaalamaa turan baay'een tureera.[34] Murtiileen dhaddacha ifaatti dubifamuun osoo irra jiruu dhaqaa rejistraara irraa dhagahaa yeroon jedhama tures tureera.[35] Haala addaan yoo ta'e malee dhaddacha ifaan dhagayamuun mirga namummaa Heera mootummaa fi Sanadoota mirga namummaa idila addunyaatiin fudhatama arganii fi eegumsa guddaa qaban waan ta'eef qajeelfamni kunis mirga kanaaf xiyyeeffannoo guddaa kennuun abbootiin seeraa dhaddacha ifaan dhimma akka gaggeessanii fi dhaddachi ifaan gaggeeffamuu akka qabu xumee jira.

---

[33] .Heera Mootummaa Rippaabilika Dimookiraatawaa Federaala Itiyoophiaa fi Naannoo oromiyaa keewwata 37,20 fi 13 wali irratti dubbisuun.

[34].Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.

[35].Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.

2.8.1.3.Mirga Dhagayamuu Walfalmitootaa Kabajuu.

Abbootiin dhimmaa gara mana murtii dhufan himannaa,iyyannaa,deebii fi ragaa dhiyaate irratti dhagayamuu barbaadu.Namni hundi mirga dhagayamuu qaba.Akkasumas namni hundi seera fuulduratti wal qixxeedha.Gidduu isaaniitti garaagarummaa bifa kamiyyuu osoo hin taasifamin,seeraan eegumsi walqixxeedhaan ni godhamaaf.Akkatuma kanaan sanyiidhaan,sabaan,sab-lammiidhaan,bifaan,saalaan,qooqaan,amantaan,siyaasaan,dhufiinsa hawaasummaatiin,qabeenyaan,dhalootaan yookiin sababa ejjannoo biraatiin garaagarummaan osoo hin godhamiin namoonni hundinuu wabummaa seeraa walqixaa fi qabatamaa ta'e argachuuf mirga qabu.[36]

Gareen walfalmitootaa dhimma isaa irratti yaada qaban bilisa ta'anii dhiheeffachuu, manni murtiis fudhatee haqa barbaaduun murtii kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e adeemsi kenniinsa haqaa bu'a qabeesa ta'uu hin danda'u.[37] Haa ta'u malee haala qabatama manneen murtii keenyaatiin abbootiin seeraa tokko tokko abbaa dhimmaa ija wal qixaan ilaalanii dhagayuu caalaa abbaa dhimmaa arrabsuu,tuffachuu,himachuu,arrabsuu fi yaada irraa fuudhuu diduun kan mul'atuudha.[38] Abbaa dhimmaa dhaddachatti falmiif dhiyaate obsaa fi gara laafinaan keessummeessuun kan hin dhageeffanne yoo ta'eef amala badaa kan itti argisiifamu yoo ta'e dhimma isaa himachuu wallaaluu,abbaa seeraa fi mana murtii sodaachuu,rifachuu fi mana murtiif ilaalcha badaa qabachuun isaa beekkamaadha.Namni dhugaa qabu tokko waa'ee dhimmichaa waa tokko illee kan hin beekne soba waliindhahame qabatee kan dhihaate hanga isa fakkeessuutti arrabni isaa jalaa hidhamuu ni dandaa'a.Yeroo dhihoo asitti deebii deebiin hafee afaaniin falmii geggeessuun jalqabameera. Kun himataafis ta'e himatamaa ni fayyada. Mirga dhagahaamu waliin walqabatees fayidaa ni qabaata jechuun yaada ogeessonni seeraa kennanis ni jiru.[39]

Abbootiin seeraa falmii garee falmitootaa addaan kutuu ilaalchisee, dhimmootni seeraan addaan cituu qaban ni jiru. Yeroo biroo ammoo seera malee yeroo addaan citu ni jira. Seeraan kan addaan kutamu ijoo qabameen ala kan bahu yoo ta'e, ogeessonni seeraa tokko tokko ta'e jedhanii

[36].Heera Mootummaa Rippaabilika Dimookiraatawa Feederaalawa lakk.1/1987 keewwata 25.
[37] .Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.
[38] .Barreeffama leenjii Naamusa abbootii seeraa MMWO tiin bara 2009 obbo Tacaan margaatiin qophaa'ee irraa kan fudhatame.
[39] . Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.

ijoo qabameen ala kan baahan waan ta’eef abbootiin seeraa waan hundumaa akkaataa seeraan geggeessuu qabu, darbee darbee garuu abbaan dhimmaa ijoo falmii waliin wantoota walitti dhufeenya qaban nan ibsa otoo jedhanii garmalee dhaabsisuun dhiibbaan yeroo uumamu ni jira; kunis hanga haqa jallisuu illee gahuu ni dandaa’a; addaan kutuu dhiisuun falmii walfalmitootaa hundumaa dhagahuun murtii kennuuf nama dandeensisa.Kanaafis gareen walfalmu kamiyyuu seeraa fi sirna hordofuun akka dhagaahamuuf waanta barbaadu dhiheeffachuu ni dandaa’a yaada jedhu kan dhiheessan jiru.Qajeelfamichi gareen falmii kam iyyuu mirgi dhagaahamuu isaa isaaf eegamuu akka qabu ni ibsa.Gama biraan dhimma isaan falmiin yommuu dhageessifatan kabajni isaanii eegamuu akka qabu, abbaan seeraa isaan dheekkamuu fi arrabsuu akka hin qabne ni tuma. Qajeelfama kana keessatti tumaan kun haammatamuun isaas darbee darbee naannoo dhaddachaatii dheekkamsoo fi arrabsoo suukanneessoo falmitootarifachiisu gahuu danda’u hambisuuf gahee ni qaba.[40]

2.8.1.4.Tumaalee Dhimmootni Akka Lafarra Hin Harkifanne Ilaallatu.

Manneen murtii biyya keenyaa keessatti lafa irra harkifannaan dhimmootaa madda komii qofa osoo hin taane madda hanqinna naamusaa ta'uun hawaasin bal'aan mana murtii irraa abdii akka dhabu godhaa jira.[41]Sababoonni dhimmoonni akka lafa irra harkifatan godhan keessaa muraasin hanqinna naamusaa abbootii seeraa,dandeetii dhabuu,hanqinna humna namaa,rakkoo itti fayyadama meeshaalee teekinoolojii fi kff akka ta'e kaasuun ni danda'ama.[42]

Rakkoo lafa irra harkifannaa dhimmootaa hambisuuf seerotaa fi sirni hedduun kan diriire yoo ta'u isaan keessaa chaarterii lammilee fi hoggansa dhangala'a dhimmaa kaasuun ni danda'ama.Akkataa kanaan dhimmoonni hundi yeroon fudhatan jalqabuma irra adda bahuun istaandaardiin yeroo kan qophaa'u yoo ta'u ,abbootiin seeraas beellama yoo kennaan yeroo ta'ee ilaalcha keessa galchuun guyyaa fi sa'aatiin kan beellamanii fi kan hojjataa jiran ta'uun isaa waan gaarii ta'us hanqinoonni hedduun ammas kan jiran ta'uun beekkamaadha.Falmiin afaani yeroosuma waraabamee garagalfame dhaddachaaf akka dhihaatu kan taasifamu ta’uu isaa fi kanas barreessaan dhaddachaa kan raawwachisuu ta’uu isaa tumamuu isaa.Abbootiin seeraa yeroo biraa galmicha irra deebi’anii dubbisuun yeroo badu hambisuuf yaadannoo akka qabatan, falmichis kan geggeeffame ta’uu isaaf kan waliif mallateessan ta’uu isaa;Iyyannoon dhaddachi

[40] . Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.
[41] .Gabaasa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Bara 2009 irraa kan fudhatame.
[42] .Barreeffama leenjii naamusa abbootii seeraaf mana murtii waliigala oromiyaatin bara 2009 qophaa'e.

dhihaateef iyyata kakuun dhihaatan battalumatti fuuchuun akka murteessu tumamuu isaa.Abbootii seeraa keessaa dhimmicha ilaaluuf kan hin dandeenye yoo jiraate galmicha karaa registraaraa dhaddacha biraaf ergu irra haala ariifataa ta'een abbaan seeraa bakka bu'uu akka ilaaluuf kan tumame ta'uu isaa;Adeemsi falmichaa ariifachiisuufi dhimmoonni furmaata osoo hin argatin lafarra harkifama jiru hambisuuf tumaalee gargaaranidha.

2.8.1.5.Tumaalee Naamusa Abbootii Seeraa.

Akkuma armaan olitti ilaallee haala baratama biyya keenyaatiin manni murtii fi abbaan seeraas iddoo sodaatamu malee kabajamuu miti.Kanas kan godhe haala abbaan seeraa fi manneen murtii ilaalcha ummataa irratti hojjatanii fi agarsiisaa turan akka ta'e ilaallee jira.Dhaddachi iddoo kabajamu malee iddoo sodaatamu akka hin taane gochuuf biyyoonni addaa addaa fi biyyi keenyas qajeelfama naamusa dhaddachaa baasuun isaanii beekkamaadha.Kana keessatti immoo aangoo fi dirqama abbaa seeraa adda baasuun daangaa itti gochuun waan barbaachiseef qajeelfamni mana murtii waliigalaa kunis haala kana ilaalcha keessa galchuun tumaalee naamusa abbootiin seeraa dhaddacha irratti godhuu qaban hammatee jira.Haaluma kanaan Abbootiin seeraa:-

- *Sa'aatii hojii kabajuun iddoo hojiitti argamuu,*
- *Sa'aatii kennameef keessatti galmee ramadameef sirriitti qorachuun murteessuu,*
- *Abbootii dhimmaa kabajuu fi namoota waliin hojjetaniif kabaja barbaachisu kennuu,*
- *Dhimmoota loogii malee keessumeessuu,*
- *Galmeeleedhaaf eeggannoo barbaachisaa ta'e gochuu, akkuma beellamamaniin battalumatti gara daataa beeziitti akka ergaman taasisuu,*
- *Dambii bulchiinsaa fi qajeelfama mana murtichaa kabajuu akka qabu,*
- *Abbootiin seeraa dhaaddacha jeequu ilaalchisee aangoo mana murtiif kenname yeroo barbaachisaa ta'e qofatti fayyadamuu akka qaban qajeelfamicha keessatti ibsamuun isaa haawaasni mana murtii fi abbootii seeraa kabajuu osoo hin taane akka sodaatuu fi yaadda'ee akka baqatu haalota taasisaa turan kan hanbisu waan ta'eef qajeelfamicha keessatti haamatamuun isaa barbaachisaadha.* Gochoota balleessaa ta'uun isaanii ifaan adda bahanii hin kaa'amne akka dhaddacha jeequutti ilaalamuun yeroo adabsiisan yookiin soodachisuuf

yeroo itti fayyadamaman baay'eedha.[43] Abbootiin seeraa tokko tokko dhaddacha jeequu sababa godhachuun ragoota, hordoftoofa dhaddachaa, Abbaa Alangaa ni sodaachisu. **Fakkeenyaaf 1ffaa**:-Dhimma tokko irratti himatamaan ijoo ragooleen ittisaa isaa isaaf ibsan irratti ibsa akka kennuuf gaafatamee ni dhiheese. Abbaan Alangaas ibsi dhihaate ifa waan hin taaneef nuuf haa ibsamu jedhe. Himatamaan irra deebi'ee sanuma dubbate. Abbaan Alangaa ammas ifa nuuf hin taane waan jedheef abbaan seeraa dhaddacha jeequun itti gaafatamta yeroon jedhe ni jira.[44]**Fakkeenya 2ffaa** Ragaan dhimma tokko irratti dhihaate gaaffii qulqulleessaa mana murtiif deebii lateen isuma duraa dubbate cimsee qabachuu isaa fi kanuma qofa ragaa bahuu isaan ajajan sirratti kenna yeroon jedhame ni jira.[45]Namni tokko haala teessuma isaan qofa osoo hin taane akkaataa haasaa isaan mana murtii jeeqxe yeroo itti jedhamu of eeggannoon ilaalamuu qaba, mirga heera mootumman kenname yaada ofii bilisaan ibsachuu waliin ilaalamuu qaba, maqaa fi kabajni abbaa seerichaa hanga hin tuqamnetti dogongora adeemsa hojii jiru qeequun akka mana murtii jeequutti fudhatamuu irra hin jiraatu ilaalcha jedhu kan dhiheessan jiru.[46]*Kabaja dhaddachaa fi mana murtichaa kabajuu fi kabachiisuu,Qajeelfamichi abbaa alangaa, dubbi fixaa fi abukkaatoonni hojii abbootii seeraaf abbaa hirtaa ta'uu isaanii abbootiin seeraa kanuma hubachuu akka qaban ni tuma. Abbootiin seeraa hammam yoo hojjetan qofaa isanii dhugaa baasuun haqa laachuu hin dandaa'an. Hojichi bu'aa tattaaffii qindaa'eedha. Haa ta'u malee sababoota addaddaan abbaan seeraa fi abbaa alangaa, abbaa seeraa fi Poolisii, abbaa seeraa fi abukkaatoo jiduu walitti dhufeenyi jiru fayyaalessa yeroo inni hin taane tureera.*[47]Abukaattonni, dubbifixxoonni fi gorsitoonni seeraa "kan hojjetan qarshiif" ilaalcha jedhu irra haala darbeen akka qaama haqaa tokkootti rakkoo ilaaluu dhabuutu jira, kana kan raawwatanis abbootii seeraa muraasadha, abukaattoon akka gowwomsituutti yeroon lakkaa'amus yeroon mudatu ni jira.yoo mudates abukaattota hunda kan bakka bu'u miti jechuun yaada isaanii abukaattonni kennan jiru.Abbaa Alangaa waliin walitti dhufeenya ture irratti rakkoon mudachaa turaniiru. Kanas ilaalchisee abbootiin alangaa tokko tokko wantoota

[43] . Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.
[44] . Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.
[45] .Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.
[46] . Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.
[47] . Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.

kanatti aanaanii jiran akka rakkootti tarrreessu;Abbaan Alangaa dursee dhaddacha seenuun yeroo dheeraaf kan eegan waan ta'eef sababa kanaan kan ka'e biiroo isaaniitti hojiin galmee yeroo gufatu ni mul'atu ture. Kana hambisuuf Abbootiin Seeraa yeroo dhaddacha seenuuf jedhan bilbilaan akka himan taasifamuun isaa fi kunis hojiirra oolaa kan jiru yoo ta'e illee ammas booddeetti hafuun ni jira.Abbaan Alangaa keessumaa iyyuu mana murtii Federaalaa Sadarkaa Duraatti teessumaa fi miinjaalli kennameefii ijaajaa taa'aa kan hojjetu yoo ta'u, abukaattonis sababa kun hin guutamneef mana murtichaatti iyyatanii jennaan abbaan alangaas ijaajjee akka falmatu yeroon itti taasifames tureera. Dhuguma humn biyyattii ta'eetu malee hundumaaf teessumnii fi minjaalli yoo guutame gaarii ture. Abukaattoon dhimma tokko qofa kan qabatu waan ta'eef akkuma fixeen ni deema, abbaan alangaa garuu galmeelee hedduu kan qabatu waan ta'eef yeroo dheeraaf dhaddacharra ni tura, galmeessuufis hin mijatuuf sababa jedhuun yeroof furmaatni yeroo itti kenname tureera.Abbaan alangaa bakka bu'aa mootummaa ta'uun isaa hafee akka garee falmataa tokkoo qofatti yeroon ilaalamaa tures ni jira.Ragaa eenyu haa dhiheessu kan jedhu irratti mana murtiitti,abbaa alangaa fi poolisii jidduutti waliitti bu'uunisi tureera. Kanaafis abbootiin seeraa gareen kun abbootii hirtaa isaanii ta'uu isaanii hubachuun akka isaan irra jiru tumuun barbaachisaa dha.Abbootiin seeraa adeemsa dhaddachaa irratti dhimmoota ilaalan waliin walitti dhufeenya hin qabne irratti qeeqa fi yaadotakennuu irra of qusachuu akka qaban;Abbootii seeraa jidduutti badiin yoo mul'atu aadaan walsirreessuu gabbachuu, rakkoon yeroo jiraatutti bulchiinsa mana murtiif gabaasa gochuun akka irra jiraatu tumameera.[48]

2.8.1.6.Sirnoota Abbootiin Seeraa Dhaddacharratti Hordofuu Qaban.

Qajeelfamni kun sirnoota abbootiin seeraa dhaddacha irratti hordofuu qaban baay'innaan kan tarreessee yoo ta'u isaani :-

- *Sa'aatii beellamaatti argamuun murtee kennu, yoo barfatanis abbootii dhimmaa dhiifama gaafachuu tumaalee jedhan qajeelfamicha keessatti haammatamuun isaa bifa haaraa fi hin turredha. Dhiifama gaafachuun aadaa keenya waliin walqabatee kan dhufe yoo ta'e illee aadaan abbaan seeraa dhiifama gaafachuu hin turre, yeroo duriitti biyya keenyatti abbaan seeraa mootii bakka bu'uun kan murteessu waan ta'eef abbootii dhimmaaf akka mootiitti kan*

[48] .Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.

ilaalamu waan ta'eef abbaan seeraa hin dogongoru jedhamee tilmaamama. Dogongorri yoo jiraates hin himatamu. Yaadni kun keessa keenya sababa jiruuf dhiifama gaafachuuf rakkachaa turreerra; waan ta'eef qajeelfamicha keessatti haammatamuun isaa sirrii ture yaada jedhu ogeessonni seera kennanis jiru.

- *Dhaddacha yeroo seenanis abbootii dhimmaanagaa gaafachuunsimachuu; abbootii seeraa beeksisuu; abbootii dhimmaa tajaajiluun dirqama isaanii ta'uu sagalee olkaasuun ibsuu kan jedhu qajeelfamicha keessatti kan haammatame yoo ta'u dhaddacha mana murti Waliigalaa Federaalaattis abbootii seeraan qabatamaan ittiin hojjetmaa jira. Kunis walitti dhufeenya mana murtii fihawwaasa tajaajilamaa jidduu walitti dhufeenya jiru fooyyeessuunjijjiirama guddaa fiduu ni dandaa'a. Haawaasnismana murtii sodaachuu irra gara kabajuutti geessuu danda'a.*
- *Yeroo dhaddachaatti abbootii dhimmaa isin jechuun haasofsiisuun duraan kabajaa fi gonfa malee kan raawwatamaa ture ni hambisa. Kunis mana murtii fi tajaajilamtoota jidduu walkabajuun akka jiraatu taasisa. Himatamaa adeemsa murtii irra jiru haa hafuu yoo itti murtaa'e illee maqaa fi gonfa isaa dhabuu kan hin dandeenye waan ta'eef qajeelfamicha keessatti ifatti tumamuun isaa barbaachisaadha.*
- *Yeroo baay'ee sirna dhaddachaa otoo kabachiisanii kan mul'atan poolisii fi barreessitoota dhaddachaadha. Kunis gulaalama abbootii dhimmaa irra gahuuf karaa banaa kan turedha. Kana waan ta'eef dhaddachicha seeraan geeggeessuun itti gaafatamummaa hojjettoota deggeersaa otoo hin taa'in kan dhaddachaa ta'uu hubachuu tumaan jedhu qajeelfamicha keessatti haammatamuun isaa abbootiin dhimmaa otoo hin sarbaminii fi hin rifatin dhimma isaanii akka hordofan ni dandeessisa.*
- *Ragoota, ogeessota, hojjetoota deggarsaa fi kkf dhaddachicha gargaaran galateeffachuu kan jedhu qajeelfamicha keessatti haammatamuun haaraa waan ta'eef sodaa osoo hin ta'in miira hojii fi walkabajuu ni uuma.*
- *Falmii afaaniif gareen dabaree isaa hin taane gareen biraa hanga haasa'ee fixuutti akka taa'u taasisuu.*
- *Guyyaa beellamaatti murtiin yookiin ajajni kan hin geenye yoo ta'e sababa isaa ibsuun dhiifama gaafachuu.*
- *Abbootii dhimmaa ija walqixa ta'een ilaaluu, dudhaalee aadaa fi amantaaisanii kabajuu.*

- *Seeraan yookiin hojii adeemsa dhaddachaaf gufuu ta'u jedhamuun kan dhowwamaniin ala kanneen akka kolooyyata keewwachuu, qisaasa keewwachuu, miilla walirra naqachuu, dibaaboo qabachuu, uffata (kobbortaa, gaabii, fi kkf uuffachuu) faa kan fakkaatan adeemsa dhaddachaa haal hin gufachiifneen ta'uu isaanii hubachuu kan jedhu qajeelfamicha keessati tumamuun isaa hanga yoonaatti barmaataan kan itti hojjetamaa ture fi gochaalee haawasa sodaachisaa ture irra bilasa kan godhu waan ta'eef sodaa hawaasichaa ni hambisa.*
- *Armaan olitti muuxanno mannen murtii biyyoota biroo irrati akkuma ilaalle kolooyyata uffachuun kan dhorkame yoo ta'e illee haala qabatamaa keenyaan kolooyyata amantii, dhoksituu fuulaa fi kkf kaabajamuu qabu, namni qisaasa kan keewwatus ogeessa fayyaan ajajamee ta'uu waan danda'uuf hojimaatni barmaataan ture hafuun isaa sirriidha.*

2.8.1.7.Tarkaanfiiwwan Haala Beellamaa fi Murtii Galmeelee Ariifachiisuuf Fudhataman.

Akkaataanbeellamnifi murtii galmeelee lafarra harkifama dhimmaaf balbala banaa kan ture waan ta'eef kana salphisuufis qajeelfamicha keessatti xiyyeeffannoon itti kennamuun galmeeleen akkamiti beellamamuu fi murtaa'uu akka qaban tarraa'uun tumichi haammatee qabateera. Isaanis:

- *Beellamni jalqabaa rejistraaraan akka kennamu isa booddee kan jiru dhaddachaa akka beellamamana,*
- *Guyyaa guyyaan galmeeleen beellamaman humna dhaddachaa ilaalcha keessa kan galche ta'uu akka qabu, galmeelee irratti mareen taasifamu beellamaan dura ta'uu akka qabu,*
- *Abbootiin dhimmaa hojii hiikuun hanga dhumaatti eeguun akka hin guraaramneef galmeen isaanii qoratamee kan hin dhumne yoo ta'e kanuma itti himuun geggeessuun akka irra jiraatu,*
- *Sababni quubsaan jiraatee beellamni yoo geeddarame kanuma galmee irratti ibsuun akka irra jiraatu,*
- *Abbaan seeraa walitti qabaan adeemsa ittiin galmeelee abbootii seeraaf hiru jiraachuu akka qabu,*
- *Akkaataa murtii galmeelee ilaalchisee sababni gahaan yoo dhihaate irraan kan hafe;*
  - Galmeen oliyyannoo yakkaa erga banamee booddee beellama lama jidduutti murtaa'uu akka qabu,

- Galmeen oliyyannoo falmii hariiroo hawwaasaa ni dhiheessisa erga jedhamee beellama sadii jidduutti murtaa'uu akka qabu,
- Dhaddachi ijjibaataa galmeen haraa ni dhiheessisaa fi hin dhiheessisuun isaanii beellama jalaqabaa irratti murtaa'uu akka qabu, ni dhiheessisa yoo jedhames beellama tokko kennuun beellama lammaffaa irratti murtii argachuu akka qabu kan tumanidha.
- Duraa duuba akkaataa murtii galmeelee ilaalchisee;
    - Galmee hidhamtootaa,
    - Dhimmoota hariiroo hawwaasaa dhorkaa qaban,
    - Dhimmoota falmii hojii,
    - Galmeelee abbaa dhimmaa naannoodhaa dhufanii fi
    - Galmeelee erga banamanii umuri dheeraa lakkofsiisaniif dursi kennamuuf akka qabu tumameera.
- Hojimaata abbootiin seeraa yeroo galmeelee irratti murtii kennan hordofuu qaban ilaalchisee,
    - Galmeelee irratti mari'achuuf gabatee yeroo baafachuu akka irra jiraatu,
    - Galmee irratti yeroo mareen taasifamu abbootii seeraan ala namni argamuu akka hin qabne,
    - Tokkoon tokkoon abbootii seeraa galmeelee qorannoof beellamaman qayyabachuun mareef dhiheessuu akka qabu,
    - Guyyaa murteef beellamametti galmeen hojjetamee abbootiin seeraa irratti mallatteessuun dhihaachuu akka qaban,
    - Guyyaa murteen dura iccitummaan isaa eegamuu akka qabu, kallatti murtee sanadootni agarsiisan kam iyyuu galmee waliin hidhamuun gara mana galmeetti ergamuu akka hin qabne.
    - Murtiin yeroo barreeffamu kutaan ejjennoo dhaddachaa agarsiisu abbaa seeraa qofaan barreeffamuu akka qabu,
    - Dambii hiyyummaan falmii geggeessun gareen mo'ate bu'uura seerichaan gatii abbaa seerummaa akka kanfalu kutaa ilaallatuuf barreeffamuun akka qabu dhaddachichi murticha irratti ibsuu akka qabu,
    - Maxxansaaf kan gahaa ta'anii fi (yookiin) murteen dhaddacha ijibbaataa hiikkoon seeraa dirqisiisaan irratti kennaman addaan baasuun walitti qabaan dhaddachichaa rejistraaraa beeksisuu akka qabu, rajistiraarris battalumatti

dhaddachoota hundumaa akka dhaqqabu taasisuu akka qabu tarreeffamee qabatee jira.

2.8.2.Naamusaa Dhaddachaa Akka Naannoo Keenyaatti.

Qajeelfamni dhaddachaa akka biyya keenyaatti kan bahe bara 2001 yoo ta'e illee akka naannoo keenyaatti yeroo jalqabaatiif bifa qindaa'een kan bahe bare 2004tti.Manni murtii waliigala Oromiyaa bara 2004 keessa qajeelfama Dhaddachaa Manneen Murtii Oromiyaa lakk.6/2004 baasuun manneen murtii oromiyaa keessatti hojiirra akka oolu taasiseera.Qajeelfamichis adeemsa dhaddachaa manneen murtii oromiyaa hunda irratti raawwatiinsa qaba.[49]Nama adeemsa dhaddachaa keessatti hirmaatu kamuu,keessattuu abbootii murtii,muudamaa gumii,garee falmitootaa,naqaashota,hiikaa afaanii,hojjattoota mana murtii kan biroo,kabachiiftuu sirna dhaddachaa,hordoftoota dhaddachaa,poolisoota,bakka bu'oota mana murtii,abbootii alangaa fi abukaatota maraa irratti raawwatiinsa ni qaba.[50]Tumaalee qajeelfama kanaa irratti hubannoo gahaa uumuuf jecha akka armaan gadiitti kan ilaallu ta'a.

2.8.2.1.Qophii Eegaliinsa Dhaddachaatiin Duraa Godhamuu Qabu.

Qophiin eegaliinsa dhaddachaatiin duraa qophiin kan barbaachiseef adeemsa dhaddachaa hogganuun kan danda'amu akkataa dhaddachi itti eegaluu fi wantoonni hojii dhaddachaaf barbaachisan yoo beekkame qofa. Dhaddachi kan eegaluu qabu abbootiin seeraa, hojjattoonni mana murtichaa fi meeshaaleen hojiif barbaachisan kan akka laaptooppii,qalamaa,waraqaa,piriintaraa fi galmee yoo argamaniidha.Abbootiin seeraa dhaddacha irratti dhiyaachuun galmee hojjachuu akkuma qaban,hojjataan deeggarsaas dhaddachatti argamuun meeshaalee hojiif barbaachisu kan dhiyeessuu qabu yoo ta'u,ofiiserri seeraa galmee kan hogganu waan ta'eef galmee guyyaa beellamaa abbootii dhimmaaf ifatti maxxansuu fi dhaddacha irratti immoo abbootii seeraaf baasuu qaba.Haaluma kana ilaalcha keessa galchuun qajeelfamni kun Keewwata 4 jalatti waa'ee Sirna Eegalinsa dhaddachaatiin dura raawwatamuu qaban kan tarreessee jiru yoo ta'u isaanis:-

- *Oolmaa dhaddachaa kan agarsiisu beeksisni maxxanfamuu,*
- *Kutaaleen dhaddachaa maateriyaalii hojiif barbaachisaniin guutamuu,*

[49] .Qajeelfama naamusa dhaddachaa manneen murtii oromiyaa lakk.8/2004 keewwata 3(1)
[50] . Qajeelfama naamusa dhaddachaa manneen murtii oromiyaa lakk.8/2004 keewwata 3(2)

- *Abootiin dhimmaa, A/A fi Abukaattootni utuu abbootiin seeraa dhaddacha hin seenin dursanii iddoo qabachuu,*
- *Poolisiin dhaddacha kabachiisu yeroo abbootiin seeraa dhaddacha seenan namoonni ol ka'anii akka simatan taasisuu,*
- *Walitti qabaan dhaddachaa hojii utuu hin eegalin dura abbootii dhimmaa fi namoota dhaddacha hordofuu dhufan nagaa gaafachuun, ofii fi abbootii seeraa kanneen biroo beeksisuu qaba.*

2.8.2.2.Sa'aatii fi Sirna Eegaliinsa Dhaddachaa fi Tartiiba Abbootiin Dhimmaa Itti Keessummeeffamuu Qaban.

Hojiin keenninsa tajaajila abbaa seerummaa bu'a qabeessa ta'uu kan danda'uu akkataa istaandaardii yeroo chaarterii lammilee fi bulchiinsa dhangala'a dhimmaa keessatti kaa'ameen yoo raawwatameedha.Yeroon hojii dhaddachaa beekkamuun abbootiin dhimmaa yeroo hin barbaachifne mana murtiitti akka hin balleessine,abbootiin dhimmaa yeroo wal fakkataa dhaddacha irratti akka argamanii fi kkf ni gargara.[51]Hojimaata manneen murtii keessatti abbootii dhimmaa dhamaasuun akka madda komiiti ka'uu kan danda'u keessaa tokko sa'aatii eegaliinsa dhaddachaati.Kunis manneen murtii baay'ee keessatti abbaan seeraa ganama sa'aatii 4:00tti seenee ,waaree booda sa'aatii 9:00 kan seenu waan ta'eef dhimmoonni akka walirra bu'anii fi yeroo hojii dhaddachaa kan balleessuu akka ta'e ni hubatama[52]Gama biraatiin mana murtii keessatti akka madda komiitti kan ka'u haala abbootiin dhimmaa itti keessummeeffaman yoo ta'u kunis sirna dhabuu irraa kan ka'e dhimma yeroo dheeraa fudhachuu danda'uu kan akka ragaa dhagayuu fa'a dura keessummeessuun namni ajaja xiqqaa qabu yeroo dheeraaf dallaa mana murtii keessa akka turu godhee jira. Akkasumas sirna dhabuu irraa kan ka'e kutaan hawaasaa kunuunsaa fi eegumsa addaa barbaadan kan akka daa'immanii,dubartootaa ulfaa fi qaama miidhamtootaatiif ilaalchi addaa godhamaa hin turre.Kutaan hawaasaa kun iddoo dhimmi baay'een jirutti yeroo dheeraa taa'uun eeggachuu kan hin dandeenye waan ta'eef dhimmaa isaanii falmachuu irratti hanqinna argisuusuu,falmii dhiisanii deemuu fi darbee darbee dhukkuba adda addaatiif saaxilamuunis mul'ataa kan tureedha.Rakkoo kana hambisuu fi sirnaan hogganuuf

[51] .Moojulii bulchiinsa dhangala'a dhimmaa Bara 2012 Ilqsotti obbo Gammachuu Nigusee fi Tacaan Margaatiin qophaa'e.
[52] .kan olii.

qajeelfama kana keewwata 5 fi 6 jalatti Sa’atii fi Sirna Eegalinsa Dhaddachaa,tartiiba abbaan dhimmaa itti keessummeeffamuu qabu ifaan kaa'ee jira.Haaluma kanaan keewwata 5 jalatti:-

- *Haalli addaa yoo uumame malee, dhaddachi waaree dura sa’atii 3:00 fi waaree booda sa’atii 8:00 irratti eegaluu qaba.*
- *Sirni keewwata 4 jalatti tumame erga raawwatee booda walitti qabaan dhaddachaa bokkuudhaan minjaala rukutuun dhaddachi kan eegale ta’uu labsuu qaba* jechuun kan ibsee jiruu yoo ta'u,keewwata 6 jalaatti immoo tartiiba Abbootiin dhimmaa itti keessummeeffamuu qaban kaa'ee jira.
- *Dhaddachi dhimmoota isaaf dhihaatan tartiiba itti aanuun keessumeessuu qaba:*
- *Murtii dubbisuu/himuu,*
- *Ajaja dubbisuu/himuu*
- *Deebii fi ragaa barreeffamaa fuudhuu,*
- *Jecha amantaa fi waakkii fuudhuu yookiin falmii afaanii dhaga’uu,*
- *Naqaashota dhagahuu dha.*
- *Kan olitti ibsame yoo jiraatellee, dhaddachi akkuma barbaachisummaa isaatti, nama dhukkubsatu, qaama miidhamtoota, dubartoota ulfaa, kanneen daa’ima xixiqqaa qabanii fi kkf dursa kennuu ni danda’a.*

2.8.2.3.Sirna Kakuu.

Manni murtii hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa kennu keessatti ragaan isa murteessaa fi haqa baasuu keessatti iddoo guddaa qofa qabaachuu osoo hin taane himatamaan yoo amane malee ragaan ala dhugummaa himannaa fi deebii mirkaneessuun waan hin danda'amneef murtii haqaa kennuun hin yaadamu.Gama biraatiin immoo murtii haqa qabeessa kennuuf dhiyaachuun ragaa qofti gahaa miti.Ragaan dhiyaate kan dhugaa irratti hundaa'e ta'uu qaba.Sirna haqaa yeroo ammaa wantoota hubaa jiranii fi madda komii guddaa ta'aa jiran keessaa tokko ragaa sobaati.Ragaan sobaa adeemsa dhaaddachaa dogoggorsiisuun murtiin nama haqa hin qabneef akka kennamu gochuu danda'a.Rakkoo ragaa sobaa kana hambisuuf meeshaa gargaaru keessaa

inni duraa kakuudha.Biyyoota addunyaa heddu keessatti ragaan dhaddachatti yeroo dhiyaate dhugaa ragaa bahuuf ni kakata.Hawaasin biyya keenyaa aadaa,safuu fi amantaa waan qabuuf kakuu ni sodaata.Kanaafuu namni kakee ragaa bahe dhugaa dubbata jedhamee waan yaadamuuf sirni kakuu kunis qajeelfama kanaan beekkamtii argatee keewwata 7 jalaatti ta'ee jira.Kunis

- *Kakuun haqaa fi dhugaa baasuu keessatti iddoo olaanaa waan qabuuf xiyyeeffannoo guddaa kan barbaaduudha. Hiiktuu afaanii dabalatee namni dirqama kakachuu qabu hunduu bu'uura aadaa, amantaa fi duudhaa isaa ibsuu danda'uun kakachuu qaba.*
- *Kakuu kan raawwachiisu abbaa seeraa yoo ta'u, namoonni kakatanis qofa qofaatti kakachuu qabu,*
- *Yeroo kakatus akkaataa aadaa fi amantaa isaatti cilee, firii midhaanii, sibiila, dhagaa fi lafa, macaafa qulqulluu yookiin quraana qabatee kakachuu qaba.*
- *Abbootiin seeraa ragaas ta'e nama kan biroo utuu hin kaksiisin dura namni sun maalitti akka amanu, kaayyoo fi bu'aa kakuu hubachiisuu qabu.*
- *Kakuu qajeelfama dhaddachaan adda ba'an: Fkn:*
- *"Dhugaan dubbadha! Dhugaa hin haalu! Yoon dhugaa haale, qe'ee koo bofti haa dhaalu, Qe'een koo qe'ee booyyee!, Dhalli koo dhala yuuyyee haa taatu!"*

Gaaffiilee Marii

1. Namoonni dirqama kakachuu qaban eenyu fa'i? Daa'imman ni dabalataa? Abbootiin seeraa ,poolisiin yookiin muudamaan ummataa tokko durumaa gaafa muudaman waadaa seenanii jiran waan ta'eef dhaddacha irratti ragaa ta'anii yoo dhiyaate kakachuuf dirqama ni qabuu?

2. Ogeessi poolisii tiraafikaa ragaa teekinikaa yookiin ogeessi mana yaalaa bu'aa qorannoo irratti ibsa kennuuf waamame kakachuu qabaa?

3. Himannaa bu'uura SHH keewwata 2026 tiin kakuun dhihaatu irratti eenyutu kakachuu qaba?

2.8.2.4.Haqaaf Dhaabbachuu

Manni murtii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa keessatti nama hundaa ija wal qixaan ilaaluu qaba.Dhaddachi immoo iddoo kabajamaa waan ta'eef abbaan dhimmaa gara mana murtii dhufu kamiyyuu haala addaa fi hayyama mana murtiin yoo ta'e malee dhaabbatee falmachuu qaba.Haalli dhabbatanii falmachuu kun sirna ifa ta'e dhabuu irraa kan ka'ee darbee darbee

manneen murtii keessatti abbootii seeraa fi abbaa dhimmaa jidduutti rakkoon uumamaa turee jira.Kana malees namni dhaddacha irratti kan ka'u akka haqaaf dhabbachuutti hubachuu dhabuun kabaja abbaa seeraa qofaaf waan ka'u itti fakkachuun miira sodaa keessoo isaatti akka uumamu godhaa turee jira.Haala kana ilaalcha keessa galchuun rakkoo kana hundee irraa furuun barbaachisee waan argameef qajeelfamni kunis keewwata 8 jalaatti haqaaf dhaabbachuu haala ifa ta'een akka armaan gadii kanatti tumee jira.

- ***(Himannaa fi deebiin yeroo fuudhamu, falmiin yeroo geggeeffamu, naqaashiin yeroo dhaga'amu, ajajni yeroo kennamu, murtiin yeroo dubbifamu, yookiin dhaddachi dhimma tokko yeroo ilaalaa jirutti abbaan dhimmaa dhimmi sun ilaallatu kamiyyuu dhaabbatee hordofuu qaba.***

- *Kan olitti ibsame yoo jiraates, dhaddachi, falmichi kan dheeratu yoo ta'e, gareen tokko yeroo falmii geggeessu, inni biraan akka taa'u, namoota waliin himatamanii ragaa garaagaraa dhageessifatan inni dhageessifachaa hin jirre akka taa'u, akkasumas namoota dhukkubsatan, ulfa ta'an, qaama miidhamtoota ta'anii fi dhaabbachuu hin dandeenye akka ta'an hayyamuu danda'a.*

2.8.2.5.Sagaleen Kan Dhaga'amu Ta'uu Qaba

Adeemsi hojii dhaddachaa bitaa fi mirga yookiin namoota dhaddacha irratti dhiyaatan dhageeffachuun murtii haqa qabeessa kan keennu akka ta'e beekkamaadha.Akkasumas abbaan seeraa abbootii dhimmaa gaaffii kan gaafatuu fi kan dhaddacha hogganu waan ta'eef sagalee dhagayamuun hirmaattota dhaddachaatti dubbachuu waan qabuuf qajeelfama kana keewwatta 9 jalaatti sagaleen dhaga'amuu akka qabu tumee jira.Kunsi:-

- *Abbootiin seeraa dhaddacha yeroo geggeessan sagaleen isaanii yookiin sagalee guddiftuudhaan namoota dhaddacha hordofan hundatti haala dhagahamuun dubbachuu qabu.*

- *Abbootiin alangaa,abukaatonni,naqaashotin fi abbootiin dhimmaa hundi falmii isaanii yeroo dhiyeessan haala dhaddachii fi gareen isaaniin falmu dhagahuu danda'uun dubbachuu qabu.*

2.8.2.6.Sirna Beellamaa

Hojiin mana murtii hojii abbootii dhimmaa keessummeessu waan ta'eef sirna beellamaa fooyya'aa fayyadamuu qaba.Kunis hojiin dhaddachaa kanneen akka ajaja,murtii,ragaa dhagayuu fi jala murtii kennuu yeroo hangamii fudhachuu akka danda'u beekuun bu'uura saniin beellamni kennamuu qaba.Baroota dhiyoon dura beellamni mana murtii sa'aa dura yookiin sa'aa booda jechuun osoo sa'aatii murtaa'aa abbaan dhimmaa itti dhiyaachuu qabu adda hin baasin kan kennamaa ture waan ta'eef abbootiin dhimmaa ganama sa'aatii 2:00 irraa eegalee hanga sa'aatii 6:00 yookiin waaree booda hanga sa'aatii 11:00 yeroo dheeraa fudhachuun haalli itti dhimma isaanii itti eeggatan turee jira.Kun immoo abbaa seeraa irrattis hojii kan baay'isuu fi abbootiin dhimmaas akka dhama'anii fi mana murtii nuffan godhee jira.[53]Haala kana keessaa ba'uuf qajeelfamni kun keewwata 10 jalatti sirna beellamaa haala ifa ta'een sa'aatii,guyyaa fi ji'a addaan baasuun kennamuu akka qabu haala armaan gadii kanaan tumee jira.

- *Beellamni yeroo kennamu yeroo dhimma sanaaf taa'e hundee godhachuudhaan ta'uu qaba;*
- *Beellamni kan kennamus baay'inna hojii ,amalaa fi ulfina dhimmichaa akkasumas fedhii abbootii dimmaa tilmaama keessa galchuudhaan ta'a;*
- *Guyyaa ayyaanaa seeraan beekamtii argateen ala guyyaa kaan tokkollee ajandaa banaa gochuun yookiin beellama utuu hin qabaatiin hafuun dhoorkaadha;*
- *Beellamni sa'atii, guyyaa fi ji'a akkasumas iddoo dhimmichi itti ilaalamu adda baasee ibsuu qaba.*

2.8.2.7.Sirna Uffannaa

Dhaddachi iddoo kabajamuu qabu akka ta'e bal'innaan armaan olitti ilaallee jirra.Kana waan ta'eef abbootiin seeraa fi qooda fudhattoonni dhaddachaa hundinuu uffata kabaja dhaddachaa mul'isuu danda'u uffachuu qabu.Iddoon hojii akkuma haala isaatti uffata mataa isaanii kan haala hojii isaanii waliin wal fakkatu ni qabu.Fakeenyaaf injinariin,hojjataan humna ibsaa,ogeessi fayyaa,ogeessi suphaa konkolataa,hojjattoonni huteelota adda addaa fi kkf sirna uffannaa hojii isaanii waliin deemu qabu.Manni murtiis akkasuma sirna uffannaa mataa isaa kan qabu yoo

[53] .Moojulii bulchiinsa dhangala'a dhimmaa Bara 2012ILQSOtti obbo Gammachuu Nigusee fi Tacaan Margaatiin barreeffame.

ta'ees,abbootiin seeraa fi hojjattoonni biroo hojii mana murtii hojjatan haala kabajaa mana murtii eeguun uffannaa ufffachuu qabu.Kunis:- Abbootiin seeraa, A/A, abukaatoo , ofiisera seeraa, poolisootni uffannaa seeraa qajeelfamichi ajaju uffachuu qabu;Abbaan seeraa yeroo hundaa keessattuu, yeroo dhaddacha geggeessu uffannaa ulfina dhaddachaatiin wal madaalu uffachuu qaba;Haalli uffannaa nama kamuu kabaja dhaddachaa kan salphisu yookiin hojii dhaddachaa kan gufachiisu ta'uu hin qabu. Kanaaf, uffata qaama dhoksaa ta'an mul'isan, yookiin uffannaa keessoo kan mul'isan yookiin qoloo, kofoo yookiin qomee baay'ee gaggabaaboo(Miniskirt) ta'an uffatanii dhaddacha seenuun dhorkaa dha.Amma dura sirna ifa ta'een hogganamaa kan hin turree waan ta'eef haaluma barmaatileen kan uffatamaa ture malee itti gaafatamummaa mirkaneessuuf sirni nama gargaaru kan hin turre ta'uu ilaalcha keessa galchuun qajeelfamni kun keewwata 11 jalaatti haala itti aanuun tumee jira.

- *Abbaan murtii dhaddacha irratti waaroo gurraacha roga bifa adiin gatittii lamaan irraa eegalee kan gad bu'uu fi mallattoo haqaa kan ta'e madaallii bifa diimaa qabu laphee gama bitarratti faayame uffachuu qabu;*
- *Abbaan alangaa,abukaatoon dhuunfaa,fi abukaatoon ittisaa dhaddacha irratti waaroo gurraacha mallattoo qabu uffachuudhaan dhiyaachuu qabu.Gosti mallattoo waarichaas:-kan abbaa alangaa diimaa,kan abukaatoo dhuunfaa adii karaa harka bitaa waarichaa irratti rarra'u, fi kan abukaatoo ittisa diimaa karaa harka bitaa waarichaa irratti rarra'u ta'uu qaba,kun abukaatoo dhuunfaa fi dhaabbilee bakka bu'anii falmaan irrattis raawwatiinsa ni qaba.*
- *foolisiin dhaddachaaf taa'e uffannaa sirna kanaaf taa'e uffachuu qaba;*
- *ofiserri seeraa dambii uffannaa seeraa mana murtiin beekkamtii argate bifti isaa magaala ta'e uffachuu qaba.*
- *Abbaan seeraa uffannaa kabaja dhaddachaan wal madaalu uffachuu qaba.*
- *Namni kamiyyuu uffannaa fuulaa fi ija guutumatti haguugu uffachuu hin qabu.*
- *Abbaa seeraa,abbaa alangaa fi abukaatoon marata yookiin gonfoo eenyummaa isaa dhoksu matatti maratee dhaddacha seenuu hin qabu.*
- *Haakimaan yoo ajajame malee manatsirii ija isaa akka hin mul'anne godhu yookiin gurraacha uffatee seenuu hin qabu.*

2.8.2.8.Sirna Xumura Dhaddachaa

Abbootiin seeraa yeroo dhaddacha xumuran walitti qabaan dhaddachaa hirmaattota dhaddachaa galateeffachuudhaan bokkuudhaan miinjala rukutee xumura dhaddachaa beeksisuu qaba.Yeroo Dhaddachi xumuruametti kabachiisan dhaddachaa yookiin foolisiin abbootii murtiif mallattoo nagaa agarsiisuudhaan abbootii murtii fi namoota dhaddacha keessatti argaman gaggeessuu qaba.Kunsi keewwata 12 jalatti kan ibsameedha.

2.8.2.9.Moggaafamaa fi Walitti Dhufeenya Abbootii Murtii

Abbootiin seeraa haala kabaja qabuun wal waamuu qabu yaada jedhu irraa ka'uun *Abbootiin seeraa obboo yookiin aaddee jechuun wal waamuu qabu jechuun qajeelfamichi keewwata 13 jalatti ifaan kaa'ee jira.*

2.8.2.10.Abbootii Seeraa Irraa Naamusa Eegamu

Abbootiin seeraa yeroo hojii dhaddachaa gaggeessanis ta'ee yeroo biroo fi iddoo waliin jireenya hawaasaas ta'ee iddoo kamittuu naamusa gaarii qabaachuu qabu.Hawaasa keessatti fakeenyummaa gaarii qabaachuu qabu.Haala addaatiin immoo yeroo hojii dhaddachaa hojjatan seeraa fi sirna qofaan dhaddacha qajeelchuu qabu.Miiraa fi dantaa dhuunfaa keessaa bahuun hojii dhaddachaa xiyyeeffannoo fi itti gaafatamummaa ol'aanaan hoogganuu qabu. Abbaan seeraa fi muudamaan hojii isaanii naamusa ol'aanaa fiittigafatamummaa cimaadhaan raawwachuu qabu; Abbaan seeraa fi muudamaan koodii naamusaa fi duudhaa hojii abbaa seerummaa kabajanii hojjachuu fi socho'uuf dirqama qabu; Manneen Murtii, muudamtoonni fi abbootiin seeraa sadarkaa ;sadarkaan jiran naamusaa fi duudhaa hojii abbaa seerummaa dagaagsuuf hojjachuuf dirqama qabu.[54]Dhimmi naamusa abbootii seeraa dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaadu waan ta'eef qajeelfamni kun keewwata 15 jalatti gadi fageenyaan wantoota abbootiin seeraa godhuu qaban yookiin abbootii seeraa irraa eeggamu akka armaan gadii kanatti tumee jira.

- *Sirna deemsa falmii seeraa irratti hundaa'un hogganuu yookiin qajeelchuu;*
- *Duudhaalee,aadaa fi amantaa ummataa kabajuu;*
- *Falmii dhaddachaa al loogummaan qajeelchuu;*

[54] . Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe,Labsii Lak. 216/2011 keewwata 34

- *Sa'aa hojii kabajuun dhaddacha gaggeessuu.Yoo barfatan immoo abbootii dhimmaa dhiifama gaafachuu;*
- *Garee falmitootaa fi naqaashota bitaa fi mirgaa wal qixa keessummeessuu,mirga isaanii eeguu fi kabajaan gaggeessuu;*
- *Garee falmitootaa,naqaashotaa fi namoota biroo dhaddacha hordofan haala kabajaa mul'isuun kan akka obboo,aaddee yookiin isin jedhuun waamuu;*
- *Guyyaa beellamaatti murtiin yookiin ajajin kan hin qaqqabin yoo ta'e sababa isaa abbootii dhimmaatiif ibsuudhaan kanuma galmee irrattis galmeessuun ,hanqinni kan mana murtii yookiin kan dhaddacha sanii yookiin kan abbaa murtiis yoo ta'e kanuma abbaa dhimmaatiif ibsuun dhugaadhaan dhifama gaafachuu;*
- *Abbootiin alangaa,abukaatoowwanii fi bakka buutonni waajjiraalee adda addaa deeggartoota haqaa yookiin hojii akka ta'an hubachuu,guyyaa galmee irratti mari'atamu iddoo fi sa'aati mariitti argamuu,galmee qoratanii mariif dhiyeessuu fi kkf tumee jira.*

2.8.2.11.Abbootii Dhimmaa Irraa Naamusa Eegamu,

Abbaan dhimmaa gara mana murtii dhufu hundinuu mirgaa isaaniif kennamee fi dirqama isaan irra kaa'ame addaan baasanii beekuu qabu.Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti bal'innaaan ibsame mirgaa fi dirqamni addaan bahanii kan ilaalamanii miti.Mirga isaanii seeraan eeggameef dirqama isaan irra kaa'ame waliin walitti araarsuun raawwachiifachuu qabu.Dhaddachi immoo iddo kabajamuu qabu waan ta'eef abbaan dhimmaa naamusa dhaddachaa beekuun kabajuu qabu qajeelfamni kun keewwata 16 jalatti haala ifaa ta'een kan tumee jiru yoo ta'u kunis akka armaan gadii kanatti kan dhiyaateedha.

- *Hojiiwwan raawwataman hundaa adeemsaa fi hojimaata mana murtii kabajuun raawwachuu qaba;*
- *Guyyaa beellamaa falmiif sirritti qophaa'anii dhihaachuu;yoo barbaachisaa ta'e abukaatoo qabatanii dhihaachuu;*
- *Guyyaa beellamaa iddoo,guyyaa fi sa'aatii beellamaatti yeroodhaan argamuu qabu;*
- *Wayita dhaddachatti seenanii fi bahan hojiin dhaddachaa akka hin gufanne yookiin hin jeeqamne of eegannoo gochuu;*

- *Abbootiin murtii dhaddacha yeroo jiranis ta'ee hin jirretti kutaa yookiin galma dhaddachaa keessatti naamusa dhaddachaa eegsisuufi ajaja kabachiisaa dhaddachaatiin kennamu kabajuu;*
- *Dhaddacha irratti dabaree ofii eeguudhaan falmii dhiyeessuu;*
- *Falmii,mormii fi yaada dhiyeessan hunda kallattiidhaan gama mana murtiitti dhiyeessuu fi falmii dhimmichaa dhiisuudhaan falmii dhuunfaa yookiin ijoon ala bahuun falmuu hin qaban;*
- *Dhimmoonni dhaddacha irratti dubbataman sirrii ta'uu yookiin ta'uu dhiisuu isaanii mallattoo ijaan,nyaaraan,sochoo fuulaa yookiin biroon ibsuun yookiin abbaa murtii yookiin dhaddacha irraa garagaluudhaan dubbachuun dhoorkaadha;*
- *Dhaddacha irratti mormii,falmii fi yaada hundumaa haqa,dhugaa fi ragaa rogummaa qabu qofa irratti hundeessuun dhiyeessuu;*
- *Falmii dhaddachaa irratti maqaa abbaa seeraa waamuun osoo hin barbaachisin jechoota kan akka "kabajamaa mana murtii" yookiin "kabajamaa abbaa murtii" fi kkf gargaaramuu;*
- *Dirqamni sirna dhaddachaa mirkaneessuu adda durummaadhaan gahee abbaa murtii yoo ta'e illee,sirni dhaddachaa akka hin cabne gahee ofii bahuu;*
- *Iddoo dhaabbatan gadi dhiisuun gara abbaa seeraatti dhiyaachuun haasa'uun yookiin hasaasuun dhoorkaadha;*
- *Dhaddachi eegaluun dura naqaashota isaa hundi dhiyaachuu mirkaneeffachuu;*
- *Naqaashota himannaa yookiin deebii isaanii irratti tarreessaniin waliin haala wal simuun eenyummaa fi teessoo isaanii(waaraqaa eenyummaa isaanii qabatanii akka dhiyaatan gochuudhaan) sirnaan mirkaneeffachuun qindeessuun dhiyeessuu;*
- *Ajajni,jala murtiin yookiin murtiin yeroo itti himamu tole jedhanii fudhatanii deemuu malee ajaja fudhachuu diduudhaan yookiin haala kabahaa sirna dhaddachaatiin ala ta'een dhaddachatti deddeebisuu yookiin falmii dhiyeessuun barbaachisaa akka hin taane hubachuu;*
- *yeroo ajajni,jala murtiin yookiin murtiin himamu gocha yookiin jecha mormii osoo hin argisiisin sirnaa fi naamusaan hanga dhumaatti dhageeffachuun komii kan qabu yoo ta'e qaama dhimmi ilaalutti ol'iyyannoo dhiyeeffachuu*.kan jedhu bal'innaan tumee jira.Haa ta'u malee abbootiin dhimmaa mirgaa fi dirqama isaanii addaan baasanii beekuu irratti rakkoo

kan qaban waan ta'eef manni murtii karaa danda'amu hundaan hubannoo gahaa uumuufii qaba.

2.8.2.12.Gochawwan Dhaddacha Irratti Dhorkaman

Hojiin dhaddachaa hojii xiyyeeffannoo fi of eeggannoo guddaan raawwatamuu qabu waan ta'eef wantoonni miira dhaddachaa jeequu yookiin harkisuu danda'aan dhaddacha irratti raawwatamuu waan hin qabneef qajeelfamni kun keewwata 20 jalatti addaan baasuun tumee jira.Kunis:- *Moobaayilii bananii seenuu, haasofsiisuu, tamboo xuuxuu, nyaachuu, hayyama dhaddachaa malee haasa'uu, gaazexaa fi barruulee biroo dubbisuu, sagaleedhaan, mallattoon yookiin haala biraa kamiiniyyuu dhaddacha jeequu, meeshaalee waraanaa, ulee fi kkf qabatanii dhaddacha seenuu fi kkf. dhoorkaadha.*

2.8.2.13.Namoota Dhaddachaan Ala Jiran

Abbootiin dhimmaa beellama isaanii eeggachuuf iddoo haara galfannaa taa'an,yookiin namoonni biroo dallaa mana murtii keessa jiran *Sagaleedhaan yookiin haala biraatiin dhaddacha kan jeeqan yookiin gufachiisan yoo ta'e gocha isaanii akka dhaaban dhaddachi itti himuu qaba. Gocha isaanii akka dhaaban itti himamee Beekaa ta'e jedhanii dhaddacha kan jeeqan yoo ta'e immoo bu'uura seera yakkaa fi SDFHH tiin tarkaanfii fudhachuun* kan danda'amu akka ta'e qajeelfamichi keewwata 21 jalatti ifaan tumee jira.

Gaaffilee Marii

1. Abbaan seeraa uffatta dhaddachaa yookiin waaroo dhaddachaa osoo hin uffanne Abbaa Alangaa,Abukaatoon dhuunfaa fi ittisaa akka uffatan ajajuu danda'aa? Yookiin immoo sababa abbaan seeraa ofii isaaniitii waaroo dhaddachaa hin uffanneef Abbaan alangaa fi abukaatonni akka uffata dhaddachaa malee dhaddacha gaggeessuu danda'an gochuu danda'aa?
2. Dhaddacha hogganuu fi kabachiisuu jidduu garagarummaan jiru maali?Abbaan seeraa dhaddacha hoggana moo?dhaddacha kabachiisa?
3. Abbaan dhimmaa dhaddachaa irratti yeroo falmii gaggeessuu haqaaf dhaabbachuu qabaa?Abbaan alangaa himataa ta'ee waan dhiyaatuuf abbaa dhimmaa biroo irraa haala addaan ilaalamuu qaba moo?akkuma abbaa dhimmaa birootti ilaalamuu qaba?Qajeeltoo namni kamiiyyuu seera duratti wal qixa jedhu waliin akkamitti ilaalama?Abbaan alangaa

dhimmi himatee gara mana murtii fidu kan dhuunfaa isaa osoo hin taane kan mootummaa fi ummataa ta'uu waliin hoo akkamitti ilaalama?

4. Uffata kabaja dhaddachaa mul'isu jechuun uffata akkamiiti?
5. Abbaan seeraa uffata mallattoo amantaa mul'isuu danda'u kan akka Jalabiyyaa yookiin Kutaa adii uffatee dhaddacha gaggeessuu danda'aa?Uffanni mallattoo amantii mul'isu uffata kabaja dhaddachaa tuqu jechuu dandeenyaa? yoo uffata kabaja dhaddachaa tuqu hin taane uffatanii dhaddacha seenuun rakkoo uumu qabaa? kallatti ilaalacha ummataatiin hoo akkamitti iaalama?

2.8.3. Dhaddacha Jeequu

Dhaddachi iddoo sodaatamu osoo hin taane iddoo kabajamuu qabu akka ta'e armaan olitti bal'innaan ilaallee jira.Dhaddachi kan hin kabajamne yoo ta'e hojiin kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa akkataa barbaadamuun hin gaggeeffamu,abbootiin dhimmaas dhaddacha irraa abdii kutachuu danda'u,al naamusummaa fi gochoon hin barbaachifne naannoo dhaddachaatti baay'achuun hojii dhaddachaa gufachiisuu danda'u.Kanaafu dhaddachi kabajamuu akka qabu seeraa fi sirnoonni jiran wantoota dhaddacha irratti dhoorkamanii fi raawwatamuu qaban ifaan adda baasanii erga tumanii booda namni kamiiyyuu kan dhoorkaa fi wantoota akka raawwachuu qabu ajajame raawwachuu dhabe seeraan kan itti gaafatamu ta'a.Haa ta'u malee haala qabatama biyya keenyaatiin abbootiin seeraa sababa dhaddacha kabajiifna jedhuun aangoo gar malee fayyadamuun abbootii dhimmaa kan miidhaa turan ta'uu irra darbee hawaasin abbaa seeraa fi mana murtii seera caalaa akka sodaatu godhaa turee jira.Dhaddacha jeequun nama adabuun dura gochoota akkamiittu dhaddacha jeequu ta'a?yeroo akkamii fi eessatti yoo raawwataman dhaddachi jeeqame jedhama?eenyutu dhaddacha jeequu danda'a? kan jedhuu adda baasani beekuun barbaachisaadha.

2.8.3. 1. **Maalummaa Dhaddacha Jeequu(court contempt)**

Yaadrimee dhaddacha jeequu jedhuu irratti hayyoota seeraatiin hiikkoon walfakkaatu kennamuu baatus irra hedduun isaanii qabxii irratti walii galan ni qabu.Gaaleen dhaddacha jeequu jedhu kallattimaan gaalee afaan ingiliffaa '**court contempt**' jedhamu irraa kan hiikkame yoo ta'u, jechoonni afaan oromoo “dhaddachaa” fi “jeequu” kan Ingiliffaa “court” fi “contempt” guutumaa guutuutti kan bakka bu’an miti.Kanaaf “dhaddacha” kan jedhu akkuma haala isaatti

iddoowwan hojiin A/seerummaa itti geggeeffamu hundaa ni hammata.Jechi “Jeequu” jedhu immoo jeequmsa kaasuu dabalatee gochaawwan akka ajaja fudhachuu diduu, yookiin maqaa balleessuu, yookiin arrabsoo, yookiin tuffii agarsiisan, yookiin aangoo dura dhaabbachuu fi kkf kan ilaallatuu dha. Akka waliigalaatti dhaddacha jeequun jechoota lamaan kan ijaaramee yoo ta'u isaanis:-**1** **ffaa** Jeequu(contempt) kan jedhu yoo ta'u kunis qaama aangoo uummataa qabuun dambii bahe yookiin ajaja kenname fudhachuu yookiin kabajuu diduu;Kabaja qaama kanaa tuquu yookiin sirna adeemsa hojii isaa gufachiisuu yookiin addaan akka citu gochuu dha.Kunis haala adda addaatiin kan raawwatamuu dha.Xiyyeeffannoon keenya M/M irratti ta’us yaadrimeen kun qaamolee aangoo uummataa qaban kan biroos (fkn: seera baaftuu) ni dabalata.**2**[ffaa] Dhaddacha(court) kan jedhu yoo ta'u innis, akkuma haala isaatti waajjira M/M, A/seeraa, fi hojjettoota M/M hammachuu ni danda’a.Kanaaf Dhaddacha jeequun(court contempt) haala seeraan ala ta’een ta’e jedhamee kabaja aangoo A/seerummaa yookiin M/M tuquudhaaf yookiin xiqqeessuudhaaf, akkasumas adeemsa sirna haqaa gufachiisuuf gochoota raawwataman jechuu dha.

2.8.3. 2.Barbaachisummaa Aangoon Battalaa Jeequmsa ofirraa Ittisuu Mana Murtiif Kennuu.

Manni murtii keessattuu adeemsi dhaddachaa adeemsa naamusa ol'aanaa fi of eeggannoo guddaan gaggeeffamuu qabu akka ta'e ilaallee jira.Yeroo Dhaddachi gaggeeffamaa jiru gochoonni al naamusaa hojii dhaddachaa jeeqan yoo jiraatan bu'uura seeraan gaafatamuu qabu.Manni murtiis ta'ee abbaan seeraa kabajamuu qaba.Kanaaf namoota waca kaasan, jeequmsa uumanii, fi kabaja Mana murtii tuqan adabuu akka danda’an aangoon kennamuufii qaba.Manni murtii gochoota badaa akkanaa kana adubuuf aangoo battalaa hin qabu yoo ta'e miidhaan gahuu danda'u guddaadha.Kunis hojii dhaddachaa addaan kutuu,ummanni mana murtii irraa abdii dhabuu,dhimmootaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuun haqa jallisuu,fi kkf uumamuu danda'a.Akkuma yakkota biroo adeemsa seera yakkaa eeguun eeruun waajjira poolisiitti kennamee,galmeen qoratamee,ragaan dhagayamee,himannaan abbaa alangaatiin saaqamee mana murtiitti dhiyaachuu qaba osoo kan jedhamu ta'ee yeroon fudhatu dheeraa waan ta'uuf hojiin dhaddachaa dhaabachuu danda'a jechuudha.Kanaafu hojiin mana murtiis ta'ee dhaddachaa akka hin dhaabbanne waan barbaadamuuf abbaan seeraa gochoota dhaddacha jeequu seera cabsaan irratti murtii adabbii fudhachuu akka danda'u aangoon battalaa kennameefii jira.

Gama biraatiin immoo Manni Murti ajaja kennan raawwachiisuu akka danda'an namoota ajaja raawwachuu didan irratti tarkaanfii wal fakkaatu akka fudhataniif aangoon kun barbaachisaa dha.Kana yoo hin ta'in mirgi namootaa miidhamuu ni danda'a, amantaan uummanni Mana Murtii irraa qabu ni bada.Aangoon battalumatti adabbii kennuu Mana Murtiif yoo kenname malee hojii dhaddachaa geggeessuun hin danda'amu.Dhimmi ilaalamaa jiru gidduun gargar citee falmiin waa'ee jeequmsaa itti fufuu hin qabu.Garuu Manni murtii kabajamuu qaba malee sodaatamuu hin qabu.

Gama biraatiin aangoon kun Manni Murtii dhimma isaa irratti ofumaa akka murteeffatu taasisa.Kun sirna idileetiin ala waan ta'eef mirga himatamaa ni miidha.Abbaan seeraa aangoo kana fayyadamuu kan qabu kabaja dhuunfaa isaa barbaachaaf osoo hin taane hojii dhaddachaa gaggeessuu qofaaf ta'uu qaba.Abbaan seeraa aangoo kanatti garmalee akka hin fayyadamne qajeelfamni kun kan bahee jiru yoo ta'u dabalataan immoo dambiin naamusa abbootii seeraa hanga tokko abbootiin seeraa aangoo gar malee akka hin fayyadamne kan daangessuudha.

2.8.3. 3.Gochaawwan Dhaddacha Jeequu.

Gochoonni dhaddacha jeequu adda bahanii hin beekkaman yoo ta'e abbootii dhimmaa fi namoota dhaddacha irratti argamaniif miidhaa kan qabuu fi akkasumas abbaan seeraa aangoo garmalee akka fayyadamu gochuuf haala mija'aa uumuu danda'a.Kanaafu yaada rimeen kun kan hikkamuu qabu yoo ta'e illee hiikkaa wal fakkataa waan argatee miti.Hayyoonni tokko tokko yaadrimee kana qabiyyee isaatiinis ni hiiku.Bu'uura kanaan akkuma haala isaatti yaadrimeen kun kan hammatu:Odeeffannoo bu'aa dhimma beellamarra jiru irratti dhiibbaa fidu maxxansuu yookiin qeequu, yookiin Adeemsa bulchiinsa sirna haqaa jidduu lixuu, fi kkf.Gochoonni hammataman kunniinis akkuma sirna seeraatti garaagarummaa ni qabu.Maalummaa gaalee kanaa gadi fageenyaan addaan baafnee ilaaluuf akka tolutti akkataa gaalichi sirna seeraa gurguddoo lamaan keessatti ilaalamu addaan baafnee tokko tokkoon akka armaan gadiitti ilaallee jirra.

2.8.3.4.Dhaddacha Jeequu Sirna Seeraa Waliinii (Common Law) Keessatti.

Sirna seeraa kana keessatti hiikkoon yaadrimee kanaa bal'aa yoo ta'u, murteessaa kan ta'an afur ibsuun ni danda'ama.**1**$^{\textbf{ffaa}}$:- Gochoota naamusaan alaa dhaddacharratti yookiin naannoo dhaddachaatti raawwataman (Misconduct in the court room) yoo ta'a isaanis:- sagaleen, mallattoon, yookiin haala biraatiin dhaddacharratti yookiin naannoo sanatti, bakka A/seeraa jiru,

arguu, fi dhagahuu danda'utti kan raawwatamuu dha.Kanaaf jeequmsa kallattii(Direct contempt) jechuunis beekamu.Gochoonni kun adeemsa hojii dhaddacha irratti guufuu ta'uun, raawwii hojii A/seerummaa sirnaan akka hin geggeeffamne ta'e jedhanii gocha jeequmsaa raawwachuu, yookiin Aangoo Manni Murtii hojii A/seerummaa geggeessuuf qabutti gufuu ta'uu, yookiin Kabaja mana murtii kan salphisan ta'uu ni danda'u. **2^{ffaa}**:- Maxxansa Amantaa uummanni bulchiinsa haqaa irratti qabu xiqqeessu maxxansuu.Kunis:-Maxxansaan bulchiinsa haqaa salphisu yoo bahe qaamni barreessee fi maxxanse dhaddacha jeequun gaafatamuu ni danda'u.**3^{ffaa}**:- Maxxansa bu'aa dhimma dhaddacharra jiru yookiin ilaalamuuf deemu irratti dhiibbaa fidu.Kunis duudhaa "sub-judice" jechuun beekamuu dha.Odeeffannoon kun al-loogummaa adeemsa hojii A/seerummaa shakkii keessa kan galchu; yookiin Murtii MM kennuuf deemurratti dhiibbaa kan geessisu ta'uu qaba.**4^{ffaa}:-** Ajaja Mana Murtii fudhachuu yookiin kabajuu diduu.Sirna kana keessatti jeequmsi dhaddachaa gosa akkanaa jeequmsa siviilii(Civil contempt) jedhama.

Gocha dhaddacha jeequu armaan olitti ibsame kana dhimma Hariiroo Hawaasaa yookiin yakkataa jechuun hin danda'amu.Akkuma hiikkoo isaa irraa hubatamutti dhaddacha jeequun akka waliigalaatti hojii kenninsa tajaajila abbaa seerummaa hojjatamu irratti guufuu ta'uudha.Hojiin kenninsa tajaajilaa immooo dhimma yakkaas ta'ee kan hariiroo hawaasaa kan hojjatu waan ta'eef dhaddacha jeequun dhimma lamaan irrattuu raawwatamuu danda'a.Dhaddacha jeequun amala yakkaas ta'ee kan hariiroo hawaasaa gocha qabuudha.Daangaa lameenii addaan baasuun rakkisaa dha.Gochi tokko yakkas siiviliis ta'uu waan danda'uuf dhaddacha jeequun amala isaan lameenuu akka qabu hayyoonni seeraa baay'een waliigalu.Kana jechuun garuu addaan baasuun hin danda'amu jechuu miti. Gochoonni **1^{ffaa}- 3^{ffaa}** jiran sirna seeraa kan keessatti akka yakkaatti fudhatamu. Sirna seeraa kana jalatti dhaddacha Jeequuun kan kallattii (direct contempt) fi Al-kallattii jechuun qoodameera.Qoodaminsi kun iddoo gochichi itti raawwatame bu'uurefachuudhaan.

2.8.3. 5.Jeequmsa Dhaddachaa Kallattii (Direct Contempt):

Sirna seeraa kana jalatti jeequmsi kallattii gocha dhaddacharratti yookiin naannoo dhaddachaatti iddoo A/seeraa arguu fi dhagahutti harkaa fi harkaatti raawwatamu ilaallata.Kunis gochoota naamusaan alaa jechuun qabxii **1^{ff}** jalatti ilaalle ni hammata.Sirni kenninsa murtii sirna idilee osoo hin ta'in aangoo M/M tiif seeraan kenname "summary power" jedhamuun adabbiin

battalumatti kennama.Jechi “battalumatti” jedhu yeroo kan agarsiisu osoo hin ta’in himanni dhihaatu yookiin ragaan dhagahamu akka hin jirre agarsiisa.Himatamaanis mirga dhagahamuu fi ofirraa ittisuu hin qabu.

2.8.3. 6.Jeequmsa Dhaddachaa Al-kallattii(Indirect contempt):

Gocha dhaddachaan yookiin Mana Murtiitiin alatti raawwatamu ta’ee, garuu kabajaa Mana Murtii kan xiqqeessu yookiin bulchiinsa haqaa gufachiisuu jechuudha.Gochoonni qabxiilee **2^{ffa} - 4^{ffaa}** jalatti armaan olitti ilaalle as jalatti kufu.Dhaddacha jeequun gosa kanaa yoo uumame abbaan seeraa battalumatti kan adabu osoo hin taane Sirni kenninsa murtii idilee hordofa;kunis eeruu yookiin ajajin qaama ilaaluuf erga kennamee booda qoratamee himannaan dhihaatee ragaan bitaa fi mirgaa ni dhagahama.Himatamaan mirga dhagahamuu fi ofirraa ittisuu ni qaba.Haaluma walfakkaatuun jeequmsi dhaddachaa uumame yakka yookiin hariiroo hawaasaa (Criminal contempt fi “Civil contempt) jechuunis ni qoodama.

2.8.3. 7.Garaagarummaa Dhaddacha Jeequu Yakkaa fi Hariiroo Hawaasaa

Jeequmsa Yakkaa (Criminal Contempt):- kan jedhamu gochii uumame yakka jedhamee seera yakkaa keessatti yoo tumame gocha yakkaa dhaddacha jeequu jedhama.Sababni isaas gochi tokko yakka ta'uuf gochi raawwatame yeroo raawwatame gochicha raawwachuun yookiin raawwachuu dhiisuun yakka ta'uun isaa seeraan kan tumame yoo ta'e malee hin adabamu jechuun qajeeltoo seeraa seera yakkaa fi Heera mootummaa keessatti ifaan tumamee jira.[55]Dhaddacha Jeequun akka Yakkaatti yeroo fudhatamu Adabbii kennamu xiyyeeffannoo guddaa itti kennuun fedhii uummataa kabachiisuudhaaf yookiin namoota aangoo uummataa ta’ee jedhanii didan dhorkuudhaaf ta'uu qaba.Adabbiin kennamu kaayyoo milkeessu yoo hin qabaanne faayidaa isaa caalaa miidhaan guddaa ta'uu waan maluuf of eeggannoon raawwatamuu qaba.Bu’uura kanaan gocha naamusaan alaa, maxxansaa amantaa uummataa fi dhimma falmirra jiru irratti dhiibbaa fidan sirna seeraa waliinii keessatti akka yakkaatti fudhatamu.

2.8.3. 8.Jeequmsa Dhaddachaa Hariiroo Hawaasaa (Civil Contempt)

Dhaddacha jeequun akka siiviliitti yeroo fudhatamu tarkaanfii fudhatamuun fayyadamaan uummata osoo hin ta’in, garee falmii mirgi isaa kabajamuufii dha.Garaagarummaan dhaddacha jeequun akka yakkaatti fudhatamuu fi akka siviilitti fudhatamuu waan gurguddaa lama irratti kan

[55] .Heera mootummaa feederalaa fi Naannoo keewwata 22(1) fi seera yakkaa keewwata 2

bu'uureffame yoo ta'u isaanis:**1**[ffaa] Jeequmsa siviilii irratti addabbiin kennamu kan mallaqaati.**2**[ffaa] Adabbii kennamu irraa fayyadamaan ummata bal'aa yoo ta'e dhaddacha jeequun dhimma yakkaa kan ta'uufii adabbii kennamu irraa fayyadamaan garee falmii keessa jiru kan ta'u yoo ta'e dhimmichi dhimma siviilii ta'a.Gochoonni jeequmsa dhaddachaa akka siiviliitti fudhataman:Ajaja M/M fudhachuu yookiin kabajuu diduu, yookiin Raawwii murtiitti gufuu uumuu yookiin gufachiisuu fi kkf taniidha.

2.8.3. 9. Sirna Seeraa Dhuunfaa (Civil oro Continental Law Legal system)

Sirna seeraa dhuunfaa kana keessatti yaadrimeen kun bal'inaan waan hin beekamneef gochoonni akka dhaddacha jeequtti lakkaa'aman muraasa.Gochoonni kunneen gochawwan yakkaa bulchiinsa haqaa irratti raawwataman jedhamanii beekamu.Seera yakkaa jalatti tumamus fkn: SDFY Faransaay jalatti Manni Murtii yeroo hojii isaa geggeessu yakka raawwatamu jechuun tumameera.Sirna kana keessatti gochi al-naamusaa dhaddacha irratti yeroo raawwatamu sirna adeemsa battalaa(summary procedure) jedhamuun ilaalama.Garuu faallaa sirna seeraa waliinii namni dhaddacha jeeqe jedhame mirga dhagahamuu, ragaa dhiheeffachuu fi abukaatoon falmachuu ni qaba.

2.8.3. 10.Dhaddacha Jeequun Eenyuun Raawwatama

Dhaddacha jeequu jechuun hojii adeemsa dhaddachaa gufachiisuu akka ta'e armaan olitti ilaallee jirra.Namni kamiiyyuu kallattiinis ta'ee al-kallattiin adeemsa hojii Abbaa seerummaa kan gufachiise, kabaja Mana Murtii kan salphisee fi hojii sirna haqaatti kan gufuu ta'u gocha dhaddacha Jeequu raawwate jedhama.Dhaaddachi irra caalatti kan jeeqamuunii danda'u immoo garee falmitootaan, Abbaa Alangaatiin, Ragaadhaan, Hojjattoota Mana Murtii fi Namoota birootiin ta'uu ni danda'a.Ameerikaatti, ragaan seeraan ala argame fudhatama waan hin qabneef, poolisiin ragaa seeraan alaa Mana Murtiitti dhiheessan dhaddacha jeequun adabama.

2.8.3.11.Dhaddacha Jeequun Eeenyuun Irratti Raawwatama

Dhaddacha jeequun akka waliigalaatti kan irratti raawwatamu hojii mana murtii yookiin adeemsa dhaddachaa irratti.Manni murtii yookiin dhaddachi dhaabbata malee nama dhuunfaa miti.Hojii mana murtii kan hojjatu immoo abbaa seeraa,ofisara seeraa,hojjataa deeggarsaa,kabachiisaa dhaddachaa,ogeessota TQO fi kkf niin yoo ta'u jeequmsi yeroo namoonni kun hojii mana murtii

hojjataa jiran irratti raawwatamu akka jeequmsa dhaddachaatti fudhatamuu danda'a.[56]Kanaafuu jeequmsi dhaddachaa dhimma abbaa seeraa qofa ilaallatu osoo hin ta'in akka waliigalaatti dhimma Mana Murtii ilaallatuu dha.Ajaja Mana Murtii raawwachuu dhabuun falmitoota kan miidhu ta'us irra caalaa bulchiinsa sirna haqaa kan salphisuu yookiin xiqqeessuu dha.Kanaaf dhaddacha jeequun dhimma bulchiinsa sirna haqaati.Abbootiin seeraas nama dhddacha jeeqe kan adaban Mana Murtii yookiin sirna haqaa kabachiisuuf malee of kabachiisuuf miti.Garuu Abbaan seeraa mallattoo haqaa waan ta'aniif seera, sirna haqaa, fi A/seeraa addaan baasanii ilaaluun rakkisaa dha.Kanaaf isaan jeeqamnaan sirnichis jeeqameera jechuun ni danda'ama.[57]Kaayyoon seera Dh/Jeequu sirna haqaa, keessattuu hojii A/seerummaa kabachiisuudhaaf.Kanaaf, meeshaa dhuunfaa A/S waan hin taaneef kabaja dhuunfaa A/seeraa waliin tokko ta'ee ilaalamuu hin qabu. Seerichi immoo A/seeraatiinis kabajamuu qaba.A/seeraa dhaddachi akka jeeqamuuf gumaachuu hin qaban. A/seeraa yoo safuu, anniisa, jiddugaleessummaa, yookiin obsa dhaban kufaatiin isaanii kun amantaa uummanni sirna haqaa irraa qabu kan xiqqeessuu fi dhaddacha jeequufis kan afeeruu danda'uu dha. [58]

Gaaffiilee Marii

1) Manni Murtii nama dhaddacha jeeqe irratti battalumatti adabbii dabarsuun miidhaa akkamii qaba?Mirgoota Heera mootummaatiin himatamaa yookiin shakkamaaf kenname waliin akkamitti ilaalama?

2) Dhimma dhaddacha jeequu irratti miidhamaan dhuunfaa yookiin himataan eenyu? Mana murtii kan ta'u yoo ta'e immoo dhimma ofii manni murtii ofumaan ilaallachuun qajeeltoo haqa uumamaa(priciple of natural justice) waliin akkamitti ilaalama?

3) Dhaddacha jeequun akka dhimma yakkaatti ilaalamuu qaba moo?akka dhimma hariiroo hawaasaatti ilaalamuu qaba?

4) Abbaan seeraa dhaddacha maatii ilaalaa osoo jiruu nama tokko dhaddacha jeeqee jira jechuun seera yakkaa bara 1996 bahe keewwata 449 jalaatti yoo adabee fi namni adabame

[56] .Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Gammachuu Niguseetiin LLHD Marsaa 12ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame.
[57] Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame
[58] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

immoo ol'iyyata mana murtii sadarkaa oliitti yoo geeffatu dhaddacha yakkaatiin moo dhaddacha hariiroo hawaasaatiin ilaalamuu qaba?

5) Yeroo dhaddacha jeequun nama adabu of eegannoon Abbaan seeraa gochuu qaban maali fa'a?

2.8.3.12.Dhaddacha Jeequu fi Mirgoota Nama Himatamee

Namoonni himataman erga himanni irratti dhiyaatee booda yeroo gabaabaa keessatti mana murtii idileetti haala addaatiin yoo ta'e malee dhaddacha ummataaf ifa ta'etti dhagahamuuf mirga qaba.Himannichi tarreeffama gahaa ta'een akka isaaanitti himamuu fi himannicha barreeffamaan argachuuf mirga qaba.Falmii irra yeroo jiran yakka ittiin himatamniin akka nama balleesseetti akka hin lakkayamne,ragummaadhaan dhiyaachuufis akka hin dirqisiifamne mirga qaba.Ragaa isaan irratti dhiyaate kamiiyyuu ilaaluuf,raga baatota isaan irratti dhiyaatan gaafachuuf ragaa ofirraa ittisuuf isaan gargaaran dhiyeeffachuuf yookiin dhiyeessisuuf,akkasumas raga baatootni isaanii dhiyaatanii akka isaanif dhagahaman gaafachuuf mirga qabu,abukaatoon falmachuuf mirga qabu,murtii irraa ol'iyyachuuf mirga qabu,hiiktuu afaanii argachuuf mirga qabu jechuun tumamee jira.[59]Abbaan Seeraa nama dhaddacha jeeqe battalumatti yeroo adabu ofumaa himataa(A/A), ofumaa ragaa ta'ee, Ofumaa murtii balleessummaa kennee adaba.Himatamaan ofirraa ittisuuf carraa hin qabu. Otoo qabaates ragaan A/Seeraa sobsiisu hin argamu, ragaan A/Seeraa irra amanamus waan jiru hin fakkaatu.Kanaaf, mirgi himatamaa balaa irra bu'uu ni danda'a. Abbaan seeraa aangoo kanaan garmalee fayyadamuun mirga namootaa akka hin dhiibne kakuudhaan itti gaafatamummaa fudhataniiru.Garuu Abbaan seeraa akkuma nama biroo miira ni qabu waan ta'eef ni aaru, ni mufatu, haaloos qabachuu ni danda'u.Kanaaf luugama malee aangoon kun balaa gudda qabaachuu ni danda'a.[60]

Aangoo Abbaan Seeraa Battalumatti Adabbii dhaddacha jeequu keennuu fi mirga himatamaa wal bira qabnee akka armaan gadii kanatti ilaallee jirra.Abbaan seeraa naamusa fi dandeetti ogummaa guddaa gonfataniin gahuumsa qaba jedhamanii bakka bu'aa ummataa kan ta'e mana marii yookiin caffeen muudamanii hojii ummataa kan naamusaa fi itti gaafatamummaa ol'aanaa qabu hojjataa jiru.Hojii hojjatan kana keessatti akkatuma seera taa'ee jiruun mirga,qabeenyaa fi

[59] .Heera mootummaa Rippaabilka Dimookiraatawaa Federaalawa Itiyoophiyaa keewwata 20.
[60] .Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

lubbuu namaa irratti kan murteessaa oolan akka ta'e beekkamaadha.Qaama itti gaafatamummaan akkanaa itti kennamee hojii adeemsa dhaddachaa irratti jeequmsii yoo uumamee tarkaanfii akka hin fudhanne daangessuun hojii dhaddachaa kan miidhuu akka ta'e bal'innaan armaan olitti ilaallee jira.Kanaafuu aangeeffamuun abbaa seeraa rakkoo kan hin qabne yoo ta'e illee akkuma jalqaba irratti ka'uuf yaalame abbootiin seeraa rakkoo naamusaa qaban,waadaa ummataa dhiisuun dantaa isaanii qofa jiddu galeessa godhachuun socho'anii fi rakkoo of jaalachuu qaban mana murtii keessa hin jiran jechuun hin danda'amu.Kanaafuu aangoon abbaa seeraatiif nama dhaddacha jeeqe adabuu kennamuun akkuma jirutti ta'ee garuu abbaan seeraas aangoo kana garmalee akka hin fayyadamne daangaa itti godhuun dirqama ta'a.Gama biraatiin immoo Abbaan Seeraa battalumatti adabbii dabarsuuf of eegannoo ol'aanaa gochuu qabu. Aangoo kana mirgoota namootaa akka hin tuqne dhiphisuun ni danda'ama. Battalumatti adabbiin kan darbu haala addaa, rakkisaa fi dirqama dhaddacha kabachiisuuf barbaachisaa yoo ta'ee fi filannoon biraa yoo hin jirree dha. Namni tokko dhaddacha jeeqee jira jechuun adabuu dura Abbaan seeraa tarkaanfiwwan biraa fudhachuu akka qabuu fi kaayyoon tarkaanfii fi adabbii,namni badii raawwatetti gaabbee fo sirreessuu akka danda'u gochuu,namoonni biroo akka irraa baratan gochuu,fi kabajni dhaddachaa akka eegamu taasisuu akka ta'e qajeelfamni dhaddachaa ni akeeka.Kunsi nama sirna dhaddachaa cabse kam irrattuu dhaddachi yookiin gaggeessaan dhaddachaa ciminaabadii fi yaada badii raawwatame duuba jiru;akkasumas hubannoo namni sun seera irratti qabu madaallii keessa galchuun battalumatti tarkaanfiiwwan armaan gadii fudhachuu akka qabu kaa'ee jira.[61]Isaanis:-

- *of eegannoo kennuu;*
- *Yeroo murtaa'eef dhaddacha akka hin seenne dhoorkuu;*
- *kutaa dhaddachaatii akka bahu gochuu;*
- *Akkataa seera yakkaa fi hariiroo hawaasaatiin yakka dhaddacha jeequun yookiin gufachiisuutiin adabuu.*

Gama biraatiin battalatti adabuun dirqama yoo ta'e malee qaamni jeequmsa raawwate waan ittiin himatame beekee ragaa dhagahuun adabamuu qaba.Adabbii battalaa kennuun gocha hojii Abbaa

[61] .Qajeelfama sirna Dhaddachaa manneen murtii oromiyaa lakk.8/2004 bahe keewwata 22

seerummaa battalumatti gufachiisu yookiin jeeqa kallattii qofarratti daangessuu,*g*ocha fagoo ta'eef immoo himanni dhihaatee, ragaan dhagahamee, erga falmameen booda murtii kennuun barbaachisaa dha. Gocha dhaddacha jeequu dhaddachaan alaa yookiin jeequmsa al-kallattii ilaalchisee namni jeeqe jedhame waan itti himatame beeksisuun ragaa ittisaa yoo qabate dhaga'uun barbaachisaadha. [62]

2.8.3. 13.Dhaddacha Jeequu fi Mirgoota Biroo Himataman Qabu.

Mirgoota heera mootummaa keessatti caqasamaniin ala himatamaan mirgoota hedduu kan sanada mirga namoomaa idila addunyaa irratti tarreeffamaan qabaachuu danda'a.Akka biyya keenyaattis mirgoonni kun Heera mootummaa keessatti kallattiin yoo barreeffamuu batanis sanadoota mirga namoomaa idila addunyaa kan Itiyoophiyaan raggaasfite keessatti hammatamnaan raawwatamuu kan qabu akka ta'e tumaa heera mootummaa federaalaa keewwata 9(4) fi 13(2) irraa hubachuun ni danda'ama.Mirgoonni kunniin mirgoota yaada ofii barreeffamaan, dubbachuun, yookiin sab-qunamtiin ibsachuuti."ICCPR" keessatti madaalli guddaa qabu.Yaada ofii haallan kanneeniin ibsachuun duudhaa guddaa sirna dimokiraasiiti.Kanaaf sababa dhaddacha jeequutiin mirgoonni kunniin akka hin dhiphanne of eegannoo gochuun barbaachisaadha.[63]Namni kamiyyuu mirga akkuma qabu dirqamas qaba.Mirgaa fi dirqamni dhimma waliin deemaniif addaan bahuu hin dandeenyeedha.Namni mirga qaba yaada jedhu qofaan deemuun dirqama isa irra kaa'ame cinatti dhiisuu hin qabu.Mirgi namaa akkuma seeraan keennamu seeraan daangeffama.Namni mirgi isaa jalaa miidhame mana murtii deemuun mirga isaa argachuu akkuma danda'u wantoota seeraan mana murtiitti yookiin adeemsa dhaddachaa irratti akka hin raawwanne dhoorkame yookiin akka raawwatu ajajame irraa dhoorkamuu fi raawwaachuu qaba.Dirqama seerri nama irra kaa'e dhiisanii mirga qofa gaafachuun fudhatama hin qabu.Kanaaf, gochoonni dhaddacha jeequu bulchiinsa sirna haqaa fi kabaja hojii Abbaa seerummaa yoo tuqaanii fi seeraan kaa'amnii jiran ta'e dhaddacha jeequun ni gaafatamu.Gochi dhaddacha jeequu jallinaan kan barreeffame yookiin dubbatame ta'uu ;Uummanni Mana Murtii irraa amantaa akka dhabu yookiin sirni haqaa akka raafamu yoo godhan,Dhimma beellamarra jirurratti dhiibbaa yoo uuman,Loogmaleessummaa Abbaa seeraa yookiin Mana Murtii shakkii keessa kan galchan yoo ta'eef haala kanaan qaamni tokko yoo

[62] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

[63] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

gaafatamu adeemsa seeraa idilee keessa darbuu kan qabu waan ta'eef kunis eeruun fuudhamee,himanni dhiyaatee, ragaan bitaa fi mirgaa dhagahamee erga madaalameen booda ta’uu qaba. Gochoonni kunniin jallinaan ta’uu fi dhiisuu, fi dhiibbaa uumuu fi dhiisuun Mana Murtiitiin murtaa’a.

Manni murtii yeroo gochoonni raawwataman sirna haqaa miidhuu fi hojii mana murtii danquuf ta'uu isaanii addaan baasu qabxiiwwan ilaalcha keessa galchuu qabu ,barreeffamichi, dubbiin, yookiin ibsi sab-qunnamtiif kenname bulchiinsa sirna haqaa fi amantaa uummanni Mana Murtii irraa qabu hangam miidha? Manni murtii loogessa, malammaltummaan kan hojjatu ta'uu ni argisiisaa?Dhimma beellamarra jiru ni gufachiisaa (Does it prejudice a fair trail)?Gochawwan kunniinis hangam jallinaan yookiin hammeenyaan yaadamanii (improper motive) raawwataman? [64]jedhaman haala ifa ta'ee fi ofi eeggannoo qabuun adda bahee beekkamuu qaba.

2.8.3. 14. Gochoota Dhaddacha Jeequu Seera Biyya Keenyaa keessatti .

Dhimmi dhaddacha jeequu biyya keenya keessattis akkuma sirna seeraa biyyoota biroo dhimma xiyyeeffannoo argachuun seera adeemsaa fi seera muummee keessatti hammatameedha.Hojiin dhaddachaa uumama isaatiin hojii eegumsa seeraa barbaadu waan ta'eef seeroonni biyya keenyaas kanuma ilaalcha keessa galchuun eegumsa dhaddachaaf kan godhan akka ta'e tumaalee adda addaa irraa hubachuun ni danda'a.Seeronni dhimmoota dhaddacha jeequu addaan baasanii kan kaa'an yoo ta'e illee haala raawwii isaa irratti rakkooleen bal'aan kan turee fi ammas kan jiru ta'uun isaa beekkamaadha.Hubannoof akka tolu tumaalee seeraa dhaddacha jeequu waliin wal qabatan tokko tokkoon kaafnee akka armaan gadiitti kan ilaallu ta'a.Dhaddacha jeequu seerota keessatti:-Seera Yakkaa bara 1996 bahe keewwata 448(4) fi 449,SDFHH keewwata 480 fi 481,fi Labsii Gurmaa'innaa,Aangoo fi Hojii manneen murtii naannoo oromiyaa irra deebi'anii hundeessuf bahe labsii lakk.216/2011 jalatti tumameera.

Gochi dhaddacha jeequu Seera yakkaa keewwata 449(1) fi SDFHH keewwata 481 yakkoota mana murtii yookiin dhaddacha duratti raawwataman yakkoota harkaa fi harkaa jedhamuun beekkaman kan ilaallatuudha.Namni kaamiyyuu yeroo dhaddachi hojii isaa hojjatu kan jeeqe yookiin ragaa sobaa kenne yoo ta'e adeemsa sirna idilee hordofuun osoo hin barbaachifne battalumatti adabamuu akka danda'u tumanii jiru.Tumaalee kanneen irra dhaabbannee yoo ilaallu

[64] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

bu'uurri seera keenyaa sirna seeraa waliinii(common law) irraa akka ta’e hubachuun ni danda'ama.Biyya keenya keessatti gochi dhaddacha jeequu seera yakkaa fi hariiroo hawaasaa keessatti tumamee waan jiruu tokko tokkoon akka armaan gadii kanatti ilaalla.

2.8.3.15.Dhaddacha Jeequu Seera Yakkaa Bara 1996 Bahe Keessatti

Seerri Yakkaa bara 1996 bahe keewwattoonni 448-453 jiran yakkoota bulchiinsa sirna haqaa irratti raawwataman kan ilaallatanii dha.Isaan keessaa yakka adeemsa hojii abbaa seerummaa irratti raawwataman yookiin dhaddacha jeequu kan ilaallatan keewwata. 448(4) fi 449 dha.Kallattiin garuu irra caalaa dhaddacha jeequu kan ilaallatu keewwata 449 yoo ta'u,Dhaddacha Jeequun Eessattii,Yoomii fi Eenyuun Irratti Raawwata? kan jedhu ilaalchisee Seera yakkaa keewwata 449(1) fi (2) jalatti eessaa fi yoomi gochi dhaddacha jeequu raawwatama kan jedhu ifatti tumee jira. Seerri kun keewwata 449(1) jalatti *“Namni kamiyyuu Mana murtiitti qorannoon yeroo geggeeffamuutti yookiin hojiin dhaddachaa yeroo geggeeffamaa jirutti kan arrabse,sodaachise,yookiin haala kamiinuu miseensa mana murtichaa dirqama irra jiru kan jeeqe yoo ta'e ni adabama …”* jechuun tumameera.Tumaa kana irraa wanti hubatamu dhaddacha jeequun eessatti raawwatama? kan jedhuuf mana murtii keessatti akka ta'e,yoomi raawwatama? kan jedhuuf yeroo qorannoon gaggeeffamu yookiin hojiin dhaddachaa hojjatamaa jiru akka ta'ee fi eenyuun irratti raawwatama? kan jedhuuf immoo miseensa mana

Akka tumaa kanaatti iddoon jeequmsi itti raawwachuu danda'u mana murtii keessa akka ta'e hubannee jira.Haa ta'u malee daangaan isaa hanga eessatti wanti jedhu ifaa miti.Kanaafuu kaayyoo dhaddacha jeequun yakka itti godhameef yoo ilaallu hojiin mana murtii akka hin gufanne,dhaddachi hojii isaa akka addaan hin dhaabne fi itti fufiinsaa fi nageenyummaa hojii dhaddachaa mirkaneessuuf waan ta'eef mana murtii kan jedhu kun iddoo hojiin A/seerummaa itti hojjatamuu ta'ee kallattiin immoo Waajjira A/Seeraa, Galma dhaddachaa, fi Biiroo ofiseroota seeraa ni hammata.Kana malees naannoo mana murtiitti jeequmsi ka'u hojii dhaddachaa gufachisuu kan danda'u yoo ta'e dhaddachaan alas naannoo Mana Murtii iddoowwan A/S hojii A/Seerummaa itti hojjetanis ni dabalata.

Hojiin abbaa seerummaa abbaa seeraa qofaan kan hojjatamuu miti.Ofiisara seeraa,hojjataa deeggarsaa,kabachiisaa dhaddachaa,falmitoota,abukaatoo ittisaa,ogeessota addaa addaa fi kan biroo kan deemsi hojii KTAS keessatti qooda fudhatan hunda irratti yakki dhaddacha jeequu

raawwatamuu danda'a.Kanaafuu waajjiira hojjattota deeggarsaas kan dabalatuudha.Bu'uura kanaan M/M jechuun dhaddachaa fi naannoo dhaddachaa akka ilaallatu ni hubatama.

Akka waliigalaatti, keewwata. 449(1) (a) fi (b) kana jalatti kan tumame gocha kallattiidhaan hojii dhaddacha gufachiisu dhorkuudhaaf yaadameeti.yaadni isaa biyyoota biraattis jeequmsa kallattii (*direct contempt'*) jedhamee beekama.Amalli dhaddacha jeequu haala kanaan raawwate nama gocha akkanaa raawwate battalumatti beellama kennuun osoo hin barbaachisin achumatti adabuu danda'uu dha.Abbaan seeraa gocha utuu arguu yookiin dhagahuu gochichi kan raawwatee fi hojii itti fufuu kan gufachiisu waan ta'eef, falmii malee adabbii kennuun ni danda'ama.Gaalee seera yakkaa keewwata 449 keessatti *"qorannoon yeroo geggeeffamu*" yookiin *"hojiin dhaddachaa yeroo dhagayamaa jirutti*" jedhu ilaalchisee yeroo Abbaan seeraa yookiin namni biroo hojii Abbaa seerummaa hojjatu yeroo falmii dhagayu,ragaa dhagayu yookiin hojii kanaan walqabatee yeroo dhimma tokko qulqulleessuuf hojjechaa jirutti gochi dhaddacha jeequu kan irratti raawwatamuu danda'u akka ta'e hubatamuu qaba.Kanaaf,dhaddacha jeequun dhaddacha keessaa fi ala ta'us gocha seeraan alaa yeroo kamiyyuu Abbaa seeraa yookiin nama biraa irratti raawwatu osoo hin ta'in yeroo hojiin Abbaa Seerummaa itti hojjetamu ta'uu qaba. Abbaan seeraa bu'uura seera yakkaa keewwata 449(1)tii namni tokko dhaddacha jeeqee jira jedhee battalumatti adabbii dabarsuun dura,gocha dhaddacha irratti raawwatame yookiin jecha dubbatame sirriitti addaan baafachuu;gochichi bakka Abbaan seerichaa jiru, ijaan arguu, yookiin gurraan dhagahutti kan raawwatame ta'u qaba;gocha adeemsa hojii abbaa seerummaa yookiin sirna bulchiinsa haqaa gufachiisu ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba; Abbaan seerichaa gochi raawwatame jedhame sun maal akka ta'e ifa godhee murtii isaa keessatti barreessuu qaba;Duuchumatti '*himatamaan dhaddacha jeeqeera'* yookiin *'jecha hin taane dubbateera'* yookiin *'sochii qaamaa hin taane argisiiseera'* jechuun murtii kennuu hin qabu.[65]Yakki dhaddacha jeequu gochaawwan akka '*arrabsoo*,' '*baacoo*,' '*dhaadachuu' ," jeequmsa kaasuu" fi kkf kan hammatu akka ta'e tumaa seeraa irraa ni hubatama.*[66]Kanaaf Mana Murtii yookiin A/Seeraa hojii abbaa seerummaa geggeessaa jiru arrabsuun yookiin itti baacuun yookiin itti dhaadachuun yakka dhaddacha jeequudhaan kan nama gaafachisuu dha.[67]Kan biraa immoo gaaleen seera yakkaa keewwata 449(1)(b) jalatti "…*haala kamiinuu..* " jeequu jedhu gochootaa

[65] .Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame
[66] . Seera Yakkaa keewwata 449(1)(a)
[67] .Seera Yakkaa keewwata 449(1)(a)

fi haala biroo kan hojii abbaa seerummaa yookiin adeemsa dhaddachaa gufachiisa yookiin jeeqan akka ta'e ni hubatama.Gochoonni kun kan akkamii akka ta'e addaan baasuuf immoo abbaan seeraa haala uumame ilaaluun ofi eeggannoon kan raawwaatu ta'a.Aangoon gochoota akkasii addaan baasuun adabuu abbaa seeraaf kan dhiifameedha.As irratti rakkinni jiru A/S gochaawwan salphoo qabatamaan hojii dhaddachaa gufachiisuu hin dandeenye sababeeffachuun adabbii yeroo dabarsan ni mul'ata.Kanaaf, rakkina kallattii kanaan jiru hanga tokko salphisuuf qajeelfama naamusa dhaddachaatiin gochaawwan dhaddacha irratti dhorkaman tumuun faayidaa ol'aana qaba.[68]Gama biraatiin gochoonni dhaddacha jeequu ta'uu danda'aan kan seera yakkaa kana keessatti ifatti hin ibsamin kan akka Maxxansoota kabaja mana murtii xiqqeessan, bulchiinsa sirna haqaa salphisan yookiin dhimma Mana Murtiitti beellama irra jiru yookiin ilaalamuuf deemu irratti oddeeffannoo dhiibbaa uumu danda'u maxxansan gocha dhaddacha jeequu dhaddachaan alatti raawwatame jedhame SY keewwata.449(2) jalatti ilaalamuu danda'amoo miti kan jedhuu ilaaluuf muxannoo sirna seeraa biraa kan seera keennaan walitti dhufanii ilaaluun barbaachisaadha.Biyyoota sirna seeraa waliinii hordofan biratti gochawwaan dhaddacha jeequu dhaddachaan alatti raawwatamuu danda'an keessaa tokko maxxansa kabaja mana murtii xiqqeessu yookiin bulchiinsa sirna haqaa salphisu akka ta'e armaan olitti ilaallee jirra.

Maxxansoonni akkanaa akka gochoota dhaddacha jeequu dhaddachaan alaatti fudhatamuu danda'an moo?miti? gaaffi jedhu ilaalchisee biyya keenya keessa abbootii seeraa fi hayyoota seeraa jiddutti yaadota garagaraa lamatu jira.**Yaada 1^{ffaa}:-**Yaadni kun Seera Yakkaa keewwata.449(2) jalatti ibsame isa sirna seera common law keessatti dhaddacha jeequu al-kallattii jechuun beekamu wajjin kan walfakkaatu waan ta'eef gochawwaan armaan olitti caqasaman tumaa seeraa kana jalatti ni kufu kan jedhuudha.Akka abbootii seeraa kanatti barreeffamni tokko yookiin haasayas ta'ee oduun dhaabbata sub-qunnamtii irraa ummataaf darbu tokko dhimma Manni Murtii ilaalaa jiru keessa seenee hojii abbaa seerummaa gufachiisuu haala danda'uun yoo barreeffame yookiin qilleensa irra yoo oolee, gochichi mana murtiin alatti osoo hojiin abbaa seerummaa hojjetamaa jiruu gocha raawwate waan ta'eef gochichi Seera Yakkaa keewwata.449(2) tiin ilaalama jedhanii falmu.Namoonni yaada kana qabanis murtiilee manneen murtii adda addaa keessatti ibsachaa turanii jiru.Akka Fakeenyaatti dhimma armaan gadii haa ilaalluu.

[68] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

Dhimma 1ffaa

Dhimmi kun M/MW/F lakk.galmee 20194 ta'e irratti ilaalamee sagalee caalmaan kan murtaa'ee dha.Seenaan dhimmichaa Gaazexaan dhuunfaa "*saatanaawu fi Itoophis*" jedhaman murtii manni murtii kun dhaddacha gaafa 22/10/2007 ooleen kenne irratti maxxansa baaseen murtiin kun saalfachiisaadha, kan ija baaseedha (asaaffarii,aayin ye'aawoxxaa) jechuun barreessee jira.Itti dabalees abbootii seeraa murtii kennaan maqaa isaanii ibsuun obbo eebaluu fi ebalu jechuun maxxansee jira.Gochi akkanaa immoo amantaa fi ilaalcha uummanni mana murtii irraa qabu kaayyoo jallisuu kan qabuu fi murtichi garee tokkoof kan looge fakkeessuun gocha dhaddacha jeequu dhaddachaan alatti raawwatameedha jechuun qopheessitoota gaazeexaa kanaa Seera Yakkaa Keewwata.449 (2) jalatti balleessaa gochuun sagalee caalmaan murtii kan keenne yoo ta'u,sagaleen xiqqaan immoo kan adda bahe yoo ta'u yaadin adda bahiinsaas gochi dhaddacha jeequu keewwata.449(2) jalatti raawwatame jedhamu dhimmichi falmii irraa osoo jiruu yookiin murtii xumuraatiin dura gochaawwan baacoo, arrabsoo fi jeequu yommuu raawwataman waan ta'eef yakka dhaddacha jeequu jalatti kan hammatamuu miti waan ta'eef yakka kana hundeessuu hin danda'u jechuun yaada adda bahiinsaa kaa'anii jiru.

Yaadni 2ffaa :- Akka abbootii seeraa yookiin ogeessota seeraa yaada kana qabaniitti gochoonni maxxansaa dhaddachaan alatti raawwataman kun Seera Yakkaa keewwata 449 (2) jalatti hin kufan kan jedhuu dha.Abbootii seeraa ejjennoo kana tarkaanfachiisan gochoonni akkana kun gocha yakkaa mataa isaanii dandayan akka ta'an seera yakka keewwata 451 jalatti tumamee jira waan ta'eef kan SeeraYakkaa keewwata 449(2) jala jiru gochoota dhaddacha jeequu dhaddachaan alatti raawwataman ta'ee garuu kanuma keewwata kana keewwata xiqqaa(1) jalatti tarreeffamanii malee gochoota akkanaa hin hammatu jechuun yaada sagalee xiqqaa dhimma armaan olii irratti adda bahuun ibsame deeggaru.

Gaaffiilee Marii

1) Dhimma kana akkamitti ilaaltan?Yaada murtii irratti sagalee caalmaan kennamee fi sagalee xiqqaan keenname keessaa kamtu irra dhama qabeessa?
2) Gochi kun gocha dhaddacha jeequu ta'a moo?yakka biraa ta'a?

Seera yakkaa bara 1996 Keewwata. 449(2) jalatti kan barreeffamee jiru gocha dhaddacha jeequu dhaddachaan alatti raawwatameedha.Dhaddacha jechuun Mana Murtii jechuuf waan yaadameef,

gochi as jalatti ilaalamus gocha dhaddacha jeequu Mana Murttiin alatti bakka biraatti raawwate ilaallata.Gocha dhaddacha jeequu dhaddachaan alatti raawwatamu kun yeroo hojiin abbaa seerummaa hojjatamu ta'uu qaba.Garagarummaan keewwata. 449(1) fi (2) jidduu jiru iddoo gochi dhaddacha jeequu itti raawwatame mana murtii keessaa fi ala ta'uuu fi akkasumas akkataa adabbiin itti kennamuu danda'uudha.Sirni adabbiin itti kennamu gargar isaan godha.Keewwata.449(1) jalatti abbaan seeraa adabbii battalumatti dhaddacha irratti keennuu danda'a.Adeemsaa sirna idilee hordofuun irraa hin eeggamu.Keewwata.449(2) jalatti garuu addabbiin battalumatti kennamuu akka danda'u hin tumamne.Seerri yakkaa immoo ifaan yoo hin tumne manni murtii hiikoodhaan itti galchuu hin danda'u.Ifaan keewwata.449(2) jalatti tumamuu dhabuun kan agarsiisu gochi dhaddacha jeequu Mana Murtii tiin alatti yoo raawwate Mana Murtii utuu himatamaa waamee falmii inni qabu hin dhagahin adabuu hin danda’u.Maaliif akka waamame itti himuun akka isa gaafachiisuu fi adabsiisu seera irraa ibseefii ragaa isa irratti dhihaate itti agarsiisee falmii inni qabu dhagaheefii yoo ragaa qabaates irraa fuudhee yoo kufaa godhe adaba jechuudha.Kanaafuu abbaan seeraa dhaddacha jeequu gosa kanaatiif mirgoota himatamaan qabu hundaa kabajuufii qaba.Keewwata 449(1) jalatti immoo sirna idilee fi mirga himatamaa kan akka dhagayamuu,ragaa dhiyeeffachuu,fi kkf eeguun barbaachisaa miti.Sababni isaas:-gochi sun battala sanatti yoo dhaabsifame malee hojii itti fufuun waan hin danda'amee fi gocha raawwatamees iddoo abbaan seeraa arguu yookiin dhagayuu danda'utti kan raawwatame waan ta'eef balleessummaa nama gocha raawwatee mirkaneessuuf ragaa dhagayuun barbaachisummaa hin qabu.Ragaan kan barbaachisu dhugaa baasuuf waan ta'eef gochi dhaddacha jeequu immoo dhaddacha irratti kan raawwatameefi gocha harkaan harkaa waan ta'eef abbaa seeraa dhimmicha ija isaatiin argaa jiruu fi gurra isaatiin dhagayaa jiru caalaa ragaan dhugaa kana baasuu danda'u ni jira jedhamee hin tilmaamamu.Haa ta'u malee gochi dhaddacha jeequu kun bakka fagootti kan raawwate yoo ta’e falmii dhagahuun dirqama ta'a.Kanaaf akka keewwata. 449(1) jalatti tumametti, aangoon battalatti adabuudha.Keewwata. 449(2) jalatti waan hin ibsaminiif falmii malee battalumatti adabuun ni danda'ama jennee tilmaamuu hin dandeenyu.

2.8.3. 16. Gocha Dhaddacha Jeequu fi Hojimaata Manneen Murtii

Akkuma armaan olitti bal'innaan ibsame gocha dhaddacha jeequu adabuun kan barbaachiseef hojiin abbaa seerummaa akka addaan hin cinne gochuuf akka ta'e hubannee jirra.Haa ta'u malee qabatama manneen murtii keenyaa yoo ilaallu abbootiin seeraa muraasin osoo isaani hojii abbaa seerummaa raawwataa hin jirre yoo ta'ellee gocha raawwatame tokko fuudhuun dhimma kabaja

dhuunfaa isaaniitiif gocha dhaddacha jeequuti jedhanii yeroo dhimma itti bahan ni mul'atu.[69]Qabatamaan A/Seeraa yeroo isaan buna dhugan mana bunaatti, yeroo laaqana nyaatan hoteelaatti , yeroo imala deeman buufata konkolaataa yookiin konkolaataa keessatti, hojii ijaarsa mana murtiitiif namoota mariisisuuf yeroo deeman naannoo deemanitti, Manatti galmee yeroo qoratanii, fi kkf tti namni tokko yoo isaan arrabse, lola itti kaasan gaafa sana yookiin borumtaa sana poolisiin waamuudhaan yeroo adaban ni mul'atu.[70]Seera yakkaa keewwata 449(1)fi(2) wal bira yookiin wal jijjiiruun yookiin keewwata. 449 qofa ibsuun yeroo hojjetanis ni mul'atu.[71]Akkasumas, gocha dhaddacha jeequu dhaddachaan ala raawwatame ilaalchisee abbootiin seeraa battalumatti adabbii yeroo kennan ni mul'ata. Kallattii kanaan gochi dhaddacha jeequu dhaddachaan alatti raawwatamu ilaalchisee manni murtii aangoo battalumatti adabbii dabarsuu akka hin qabne waan hubatame hin fakkaatu.

Dhimma 2ffa

Dhimma Kun Mana Murtii Aanaa Hoomaa lakk.galmee 01493 ilaalamee murtii kan argateedha. Seenaan dhimmichaa Hoggansi mana murtii Aanaa Hoomaa waa'ee ijaarsa waajjira mana murtii uummata Aanaa Hoomaa ganda Giyoorgis mariisisuuf deemanii namni Yooseef Immiruu jedhamu akka uummata hin mariisifne "akka aanaatti ajajamatanii dhufatanii? Maal tagidaradartu?" jechuudhaan jeeqee hojiin mana murtii galma akka hin geenye godheera jechuun dhaddachatti waamee bu'uura seera yakkaa keewwata.449(2) tiin hidhaa salphaa ji'a afurii itti murteesseera.

Dhimma 3ffaa

Dhimmi kun Mana Murtii Aanaa Boosatitti lakk.G.10858 ta'e irratti ilaalamee murtii kan argate yoo ta'u ,seenaan dhimmichaas galmee kana keessatti abbaan seeraa hooteela keessatti laaqana nyaachaa osoo jiru ofiiseerri seeraa haala kabajaa fi ulfina abbaa seeraa tuquun arrabseera jedhamee borii isaa dhaddachatti waamsiisuun seera yakkaa keewwata.449(1) fi (2) jalatti hidhaa ji'a sadii itti murteesseera. Akkasumas poolisii dhaddacha kabachiisu ofiiseera seerichaa

[69] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Gammachuu Niguseetiin LLHD Marsaa 12ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

[70] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

[71] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

dirqisiisuun dhiheessuu didee ajaja m/murtii kabajuu waan dhabeef jechuun seera yakka keewwata.448(1) jalatti hidha ji'a tokko itti murteesseera.

Dhimma 4ffaa

Dhimmi kun Mana Murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha naannawwaan irratti ilaalamee kan murtaa'eedha.Haalli dhimmichaas "abbaa seeraa 3ffaan mana murtii godina addaa Adaamaa irraa bahee buna dhuguuf deemaa osoo jiru himataan karaa irratti *"Leebaa daanyaa! indaantee leebaa daanyaa alayyehum*!" jechuudhaan gocha jeequu raawwateera jira jedhamee eenyummaan namtichaa erga qulqullaa'ee booda seera yakka keewwata.449(1) fi (2) jalatti hidhaa ji'a sadii itti murteesseera.

Dhimma 5ffaa

Dhimmi kun Mana Murtii Aanaa Meettaa Roobii lakk.G.08588 ta'e irratti ilaalamee kan murtii argate yoo ta'u haalli dhufaatii dhimmichaas namni Mulgeetaa Mul'ataa jedhamu galmee kanaan walqabatee hanga mana jireenya koo dhufee himatamtoonni yakka kana waan hin raawwanneef bilisaan geggeessi yookiin himatamtoonni araaramaniiru jedhe qarshiitti jijjiiriif; jedhe gocha malaammaltummaa galmee kanarratti akkan raawwadhuu fi galmicha sammuu qulqulluun akkan hin hojjenne dhiibbaa narraan gahuuf yaadee gocha m/murtii tuffachuu fi dhiibbaa abbaa seeraa irratti waan qaqqabsiiseef namni Mulgeetaa Mul'ataa jedhamu kana natti erge Tarreechaa Ida'ee dhihaatee gocha kana raawwachuu amananii waan jiraniif gocha dhaddacha jeequutiin balleessaa ta'uu isaanii mirkanneessee of eeggannoo kennee bira darbeera jedheera A/seeraa.

Gaaffiilee Marii

1) Dhimoota armaan olitti dhiyaatan akkamitti ilaaltu? Hanqinnaa fi cimina isaanii addaan baasuun irratti mari'adhaa?

2) Dhimmii **5ffaa** gocha dhaddacha jeequu dhaddachaan alatti raawwatameedha jechuu dandeenyaa? Maaliif?

3) Gochoonni armaan olii kabaja Abbaa Seera ni tuquu? Ni tuqan yoo ta'e immoo dhimma dhuunfaa abbaa seeraa ta'u moo? Dhaddacha jeequu ta'u? Abbaan seeraa yeroo gochoonni kun raawwataman maal hojjataa jira kan jedhamu ilaalamuu qabaa? Bu'uura

keewwata. 449 (1) fi (2) tiin iddoo fi yeroon itti raawwataman akkamiin adda bahuu qaba?

4) Gochi kabaja abbaa seeraa tuqu kan dhaddacha jeequu hin taane sirna idileetiin kan ilaalaman moo?Akka dhaddacha jeequutti fudhachuun battalumatti murtiin itti kennama? Sirna idileen ilaalamuu qaba kan jettan yoo ta'e immoo Abbaan seeraa waajjira poolisii deemuun eeruu kennatee,ragaa dhiyeeffatee, dhimma isaa akka miidhamaa dhuunfaatti hordofachuu qabaa? Yoo akkas ta'e abbaa seeraa ta'uun maaliif barbaachise? Qajeeltoo walqixxummaa jedhu waliin hoo akkamitti ilaalama?

2.8.3. 17. Dhaddacha Jeequu fi Hanqinna Hojimaata Manneen Murtii.

Manneen murtii naannoo keenyaa dhimma dhaddacha jeequu akkataa seerri jedhuun yookiin yaada seeraa bu'uura godhachuun ilaaluu irratti hojiin gaariin kan jiru yoo ta'ellee darbee darbee hanqinni bal'aan kan jiru akka ta'e ni hubatama.Rakkoowwan qabatamaan manneen murtii keessa jiran dhaddacha jeequun gochaawwan akkamii akka hammatuu fi hin hammatne addaan baasuu irratti rakkinni ni jira.[72]Gochi Abbaa Seeraa tokkoon akka dhaddacha jeequutti fudhatamu kan biraatiin ammoo hin fudhataman.Gocha gonkumaa dhaddacha jeequu ta’uu hin dandeenye bu’uureffachuun adabuun ni mul’ata.Gocha hojii dhaddachaatiin wal qunnamtii hin qabne akka dhaddacha jeequutti lakkaa’uudhaan adabbiin ni kennama. Fakkeenyaaf:-Hixaana natti aarsite jechuun adabuu,Qulqulleessituu guyyaaffate adabuu,Ofiisera waliin buna utuu dhuganii ofiiserri nama biraa waliin yeroo wal dhabu dhaddacha jeequun adabuu,Hojjetoota deggersaa keessattuu naannoo bulchiinsa faayinaansiitti hojjetan wal dhabdeen dantaa irratti hoggansa m/murtii waliin yoo jiraate dhaddachatti yaamanii jeequmsaan adabuu yookiin akeekkachiisuu yookiin Dhaddacha jeeqxe jechuun bookaa yandoo keessa nama dhaabuu ni mul’ata.[73]

2.8.3. 18.Dhaddacha Jeequu SDFHH Jalatti.

Dhimmi dhaddacha jeequu dhimma yakkaa fi hariiroo hawaasaa ta'uu akka danda'u armaan olitti ilaallee jirra.Seerri yakkaa ,Seerri adeemsa falmii hariiroo hawaasaa fi labsii gurmaa'innaa fi aangoo manneen murtii oromiyaa irra deebiin hundeessuuf bahe keessatti haala adda addaatiin

[72] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

[73] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

kan ibsamee jiruudha.SDFHH keewwata 480 jalatti gochaawwan dhaddacha jeequun ni gaafachiisu jedhaman gochoota al-naamusaawaa ta'anii (improper conduct) dha.Gochoota al naamusaawaa kan jedhaman immoo kanneen faallaa *naamusa yookiin kabaja dhaddachaa ta'an,kan* faallaa "adeemsa *bulchiinsa sirna haqaa"* ta'anii fi hojii abbaa seerummaa gufachiisuu danda'an akka ta'e tumaa seera kanaa irraa hubachuun nama hin rakkisu.Haa ta'u malee gochoonni kun haala kamiin yoo raawwaatamanii fi eessatti yoo raawwataman dhaddacha jeequu jedhaman kan jedhu ilaalchisee adeemsa dhaddachaa kamiiyyuu keessatti waan jedhuuf mana murtii keessaa fi yeroo hojiin kenninsa tajaajila abbaa seerummaa yookiin dhaddachi hojii gaggeessaa jiru akka ta'e ni hubatama.[74]Gochoonni akkanaa hojiin abbaa seerummaa tasgabbiidhaan akka hin geggeeffamne naamusa dhaddachaa yookiin adeemsa hojichaa jeequu dha.kun immoo raawwatamuu kan danda'u achumatti akka ta'e ni hubatama.Namni sun "*gochicha yeroo raawwateetti galmee harkaa qabu irrattii…."* gaaleen jedhu kana cimsa. SDFHH keewwata 480 jalatti akkuma seera yakkaa keewwata 449(1) jalatti nama dhaddacha jeeqe irratti abbaan seeraa adeemsa sirna idileee osoo hin hordofin battalumatti adabbii dabarsuu akka danda'u aangessee jira.Waa'een dhaddacha jeequu SDFHH keewwata 481 Jalatt kan tumame yoo ta'e illee akkataan itti fayyadama isaa kan seera yakkaa keewwata 449 fi SDFHH keewwata 480 jalatti tumameen adda.Gama biraatiin akkataan SDFHH keewwata 481 jalatti tumame gochoonni dhaddacha jeequu raawwataman kan seera yakkaa keessatti tumamaaniin wanta wal fakkeessu ni qaba.Kunis tumaan kana jalatti gochoonni ibsaman waa'ee badii yakkaa dubbatu,akkasumas akkataa tumaa kanaatiin abbaan seeraa adabbii kan danda'u seera yakkaa duraanii keewwattoota 442,446 fi 447 jalatti yoo ta'u,,kunis seera yakkaa bara 1996 baha keewwata 448,452 fi 435 kan ilaallatuudha.Yakkoonni tumaalee kana jala jiran kan raawwatamnii argaman yoo ta'e manni murtii battalumatti adabbii murteessuu akka danda'u SDFHH keewwanni 481 ni aangessa.Qabiyyeen tumaalee Seera Yakkaa durii fi ammaa kan keewwata 445 fi 451 jalatti ibsaman garaagarummaa kan qaban yoo ta'e illee bu'uura SDFHH keewwata 481 gochi dhaddacha jeequu osoma falmii siivilii ilaalluu dhimmootni seera yakkaatiin dhorkaman yoo raawwataman adabuun akka danda'amu lafa ka'a.Bu'uura SDFHH keewwata 481 tiin namni kamiiyyuu wantoota tumaa seera yakkaa keewwata 448 jalatti ibsame cabsee argame kunis haqaaf gargaarsa gochuu diduu yemmuu ta'u, qaamni hojii abbaa seerummaa hojjetu nama himatame, nama ragummaaf yookiin afaan akka hiikuuf waame tokko

[74] .**SDFHH Keewwata 480**

yoo inni sababa seera qabeessa tokko malee dhihaachuu dide yookiin dhihaatee ajajamuu dide adabbiin kan irratti darbuu danda'u akka ta'e ni ibsa.Dhimma hariiroo hawaasaa yoo ta'e immoo dhaddacha jeequun adabamuu akka danda'u lafa ka'a.[75]

Bu'uura SDFHH keewwata 481 tiin namni kamiiyyuu gochoota seera yakkaa keewwata 452 halatti tumamaan irra darbee yoo argame kunis wal-falmitoota keessaa namni qaama abbaa seerummaa duratti dhihaatee dhugaa dubbachuu dide, osoo beekuu jecha dharaa dhimma abbaan seeraa ilaalaa jiruun wal-qabatu yoo dubbate kan adabamu akka ta'e lafa ka'a.Dhimmichi falmii hariiroo hawaasaa irratti kan raawwatame yoo ta'e dhaddacha jeequudhaan adabamuu ni danda'a.[76]

Bu'uura SDFHH keewwata 481 tiin namni kamiiyyuu gochoota seera yakkaa keewwata 453 jalatti tumaman kunis,namni ragaa ta'ee qaama abbaa seerummaa duratti dhihaate tokko falmitoota keessaa tokko gargaaruuf yookiin miidhuuf jedhee yaada dharaa yoo dubbate kan adabamu akka ta'eedha.Gochi kan raawwatame falmiin siivilii utuu geggeeffamuu namni dhihaatee ragummaa sobaa kenne dhaddacha jeequudhaan adabamuu ni danda'a jechuudha. Garaagarummaa SDFHH keewwata 481 fi Tumaalee Seera yakkaa keewwata kanneenii tumaa seera hariiroo hawaasaa kana irraa kan hubatamu yoo ta'u kunis,dhimmoota gocha yakkaa ta'an falmii hariiroo keessatti illee akka ilaalaman gochuu isaa fi gochoonni akkanaa raawwatamanii yoo argaman sirna idilee malee battalumatti murtii argachuu akka danda'an gochuu isaati.Gama biraatiin immoo dhimmoonni seera yakkaa keewwattota kana jalatti ibsaman tokko tokko dhaddacha mana murtiitiin alatti kan raawwataman yookiin gochoota dhaddacha jeequu falmii siivilii keessatti nama gaafachiisan ta'anii garuu kanneen osoo abbaan seeraa arguu yookiin dhagayuu raawwataman miti.Haa ta'u malee rakkoon iddoo kanatti uumamuu danda'uu dhimmoonni dhaddacha jeequu ija yookiin gurra abbaa seeraa biratti kan uumaman yoo ta'e ragaan abbaa seeraa sobsiisuu danda'u hin jiru yookiin immoo abbaan seeraa itti gaafatamummaa fi naamusa ol'aanaa qaba jedhamee waan tilmaamuuf hojii sobaa ni dalaga jedhamee hin yaaddamu.Kanaafuu dhimmoonni dhaddacha jeequu kan uumaman yoo ta'e battalumatti adeemsa sirna idilee malee adabuu danda'a.Garuu dhimmoota ijaa fi gurra abbaa seeraa biratti hin raawwatamne kan dhaddachaan alatti raawwatame kana immoo abbaan seeraa sirna idilee

[75] .SDFHH Keewwata 481
[76] .SDFHH Keewwata 481

kanneen akka himannaa banuu,ragaa dhagayuu fi kkf malee adabuun miidhaa qabaachuu danda'a.Haala kana keessatti osoo abbaan seeraa naamusa gaariin kan hojjatullee ta'e rakkoo hubannoo fi tilmaama adda addaa irraa ka'uun abbaan seeraa dogoggora akka raawwatu gochuun ni mala waan ta'eef hanga danda'ametti abbaan seeraa dogoggora uumamuu malu hambisuuf of eeggannoo cimaa gochuu qaba.SDFHH keewwata 481 jalatti abbaan seeraa sirna idilee malee gochoota kana irratti adabbii battalaa kennuu kan danda'u tumullee,tumaan kun gara keewwata seera yakkaa kan akeeku waan ta'eef seera yakkaa keewwata 448 jalatti immoo gaaleen sababa seera qabeessa malee gochi sun yoo raawwatame jedhu himatamaan sababa dhiyaate fashaleessuu yookiin faccisuu kan danda'u waan ta'eef carraa sababa dhiyaate irratti yaada isaa ibsachuu, of irraa ittisuu, fi ragaa dhiheeffachuu kennamuuf akka qabu ni mul'isa.Rakkoowwan qabatamaa manneen murtii keessa jiran bu'uura tumaalee SDFHH tiin gochaawwan dhaddacha jeequun hammatuu fi hin hammatne addaan baafachuu dhabuun gochaawwan tumaalee seera kana jalatti hin kufne bu'uureffachuu.[77]SDFHH Keewwata 481 gara tumaalee Seera Yakkaa keewwata 442,446 fi 447 tti kan qajeelchu ta'us manneen murtii kophaa isaa fayyadamuun yeroo adabbii murteessan ni mul'atu.Akkasumas tumaalee seera yakkaa keewwata 449 fi SDFHHL 480 wal bira fayyadamuu.[78]Gochi raawwate yeroo hojiin Abbaa seerummaa geggeeffamu ta'uu isaa addaan baafachuu dhabuun dhimma yookiin dantaa dhuunfaa abbootii seeraa qofa jiddu galeessa godhachuun murtii kennuun ni mul'ata.Garaagarummaa SDFHH keewwata 480 fi 481 jidduu jiruu sirriitti hubachuu dhabuu irraa kan ka'e, Abbaan Seeraa galmee siivilii irratti tumaalee kana bakka tokkotti ibsuun yammuu murtii kennan bal'inaan mul'ata. [79]Hojimaata kanneen muraasa yoo kaafnu , jecha ragaa soba ta'e waan kennaniif bu'uura SDFHH Keewwata. 480,fi 481, fi seera yakkaa keewwata 453 tiin adabbii ji'a tokkoo murteessuu,Raawwii waan gufachiiseef jechuun bu'uura SDFHH keewwata 481 tiin adabbii ji'a 6 murteessuu yookiin hanga raawwii abbaa mirgaatiif raawwatutti jechuun mana hidhaa tursiisuu,Waraqaa eenyummaa nama biraa qabatee mana murtii waan dogoggorsiiseef jechuun

[77] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

[78] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Gammachuu Niguseetiin LLHD Marsaa 12ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

[79] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

bu'uura SDFHH keewwata 480 fi 481 tiin adabbii hidhaa yookiin mallaqaa itti murteessuun ni mul'ata.[80]

2.8.3.19.Dhaddacha Jeequu Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo OromiyaanIrra Deebiin Murteessuuf Bahe,Labsii Lak. 216/2011 Jalatti.

Labsiin kun Bilisummaa fi itti-gaafatamummaa Abbaa Seerummaa Heera Federaalaa fi kan Naannootiin tumame cimsuu fi bifa madaalawaa ta'een hojiirra oolchuudhaan Manneen Murtii tajaajila Abbaa Seerummaa loogii fi gartummaa tokko malee akka kennan dandeessisuun waan barbaachiseef kan baheedha.

Akkataa labsii kanaatti qaamni kamiiyyuu Dirqama Murtii fi Ajaja Mana MurtiiKabajuu qaba.Namni yookiin qaamni kamiyyuu murtii yookiin ajaja Manneen Murtii Naannichaa kabajuu, raawwachuu yookiin raawwii isaaf deeggarsa yoo gaafatamu deeggarsa barbaachisu kennuuf dirqama qaba;Manneen Murtii Naannichaa murtii kennan yookiin ajaja dabarsan kabachiisuuf dirqama qabu;Namni yookiin qaamni dirqama kana hin bahanne akkaataa Labsii kanaatiin yookiin seeraa biroo rogummaa qabuun kan itti gaafatamu ta'a.Adabbii ilaalchisee immoo Kan seera biraatiin caalmaan adabsiisu yoo jiraate malee, namni yookiin qaamni kamuu bilisummaa Mana Murtii yookiin abbaa seeraa keessa seenuudhaan yookiin seenuuf yaaluudhaan, manni murtichaa yookiin Abbaan Seerichaa hojii abbaa seerummaa isaa bilisummaadhaan akka hin hojjenne kan godhe yookiin dhiibbaa kan taasise yookiin taasisuuf kan yaale adabbii hidhaa cimaa waggaa tokkoo hanga waggaa shan gahuun ni adabama.Kan seera biraatiin adabbii caalmaan adabsiisu yoo jiraate malee namni yookiin qaamni murtii yookiin ajaja Mana Murtii hin raawwanne, akka hin raawwatamne gufuu ta'e, yookiin hojii abbaa seerummaa sirnaan akka hin gaggeeffamne gufuu ta'e yookiin deeggarsa barbaachisu gaafatamee deeggarsa kennuu dide, adabbii hidhaa salphaa waggaa lama hin caalleen yookiin qarshii 5,000 hin caalleen ni adabama.[81] jechuun kaa'ee jira.Tumaa kana irraa wanti hubatamu

[80] . Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Gammachuu Niguseetiin LLHD Marsaa 12ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame

[81] . Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo OromiyaaIrra Deebiin Murteessuuf Bahe,Labsii Lak. 216/2011

hojiin kenninsa tajaajila abbaa seerummaa bilisummaa guutuun hojjatamuu kan qabu waan ta'eef eegumsa gochuuf xiyyeeffannoon seeraan keenname kan jiru ta'uu isaati.

Gaaffilee Marii

1. Namni bilisummaa abbaa seerummaa jidduu lixe yookiin lixuuf yaale irratti manni murtii adabbii battalaa dabarsuu danda'a moo sirna idilee hordofuun mirga himatamaa hundaa eegeef murtii kennuu qaba?
2. Garagarummaan dhaddacha jeequu seera yakkaa,seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa fi labsii lakk.216/2011 jiddu jiruu maali?
3. Abbaan seeraa qajeelfama naamusa dhaddachaa hin kabajne haala kamiin gaafatamuu danda'a?
4. Abbaan seeraa tokko osoo dhaddacha dalagaa jiruu abbaan seeraa biroo itti seenuun dhaddacha kan jeeqe yoo ta'e,dhaddacha jeequun adabamuu danda'aa?
5. Abbaan seeraa tokko dhaddacha osoo dalagaa jiruu abbaan adeemsa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa yookiin pirazadaantiin mana murtichaa dhaddacha irratti itti seenuun abbaa dhimmaa fuulduratti abbaa seerichaa jechoota hamilee isaa tuquu danda'u fakkeenyaaf :- "galmee kana irraa hatuuf lafa irra harkisaa jirtaa fidi,dandeettiiyyuu hin qabduu akkanumaan abbaa dhimmaa dhamaasta" jechuun kan itti dubbate yoo ta'e abbaan seerichaa dhaddacha gaggeessaa jiru sun jara kana irratti gocha dhaddacha jeequutiin adabbii battalaa murteessuu danda'aa?

Maddoota Wabii

Seerota

1. Heera Mootummaa Rippaabilika Dimookiraatawaa Federaalawa Itiyoophiyaa lakk.1/1987
2. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lak.46/1994
3. Qajeelfama Naamusa dhaddachaa Mana murtii waliigala oromiyaa lakk.8/2004
4. Qajeelfama naamusa dhaddachaa abbootii seeraa mana murtii waliigala federaalaa bara 2001 bahe.
5. Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo OromiyaaIrra Deebiin Murteessuuf Bahe,Labsii Lak. 216/2011
6. Seera Yakkaa Bara 1996 Bahe.
7. Koodii Seera Deemsa falmii Hariiroo Hawaasaa

Kitaabotaa,Barreeffamootaa fi Toora Interneetii

1. Barreeffama qabxii humna qabanii(Power point) leenjifamtoota leenjii hojiin duraatiif ILQSO tti leenjisaa Gammachuu Niguseetin bara 2011 qophaa'e
2. Barreeffama leenjii Naamusa abbootii seeraa MMWO tiin bara 2009 obbo Tacaan margaatiin qophaa'ee irraa kan fudhatame.
3. Giddu gala leenjii qaamolee haqaa federaalaa moojulii leenjitoota hojii irraa yeroo dheeratiif qophaa'e ,hiikkoo afaan oromoo Abdii Asaffaa fi Faasil Saamu'eeliin godhame.
4. Gabaasa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Bara 2009 irraa kan fudhatame.
5. Barreeffama qabxiilee humna qabanii(power point) Leenjisaa Baacaa Taayyeetiin LLHD Marsaa 10ffaaf qophaa'e irraa kan fudhatame
6. f.witter,Die Verwaltung der Dritten Gewalt.fuula 16-18 yookiin https:/www.researchgate.net
7. https:/www.gov.uk/government/uploads/attachment-data/file/386415/hmcts-business-plan-2.14-15.pdf last accessed 14/03/2017.
8. https:/www.researchgate.net
9. New holestein Municipal court court procedure http://www.newholestein.org/court-procedure.htm

10. Murfy municipal court rules of court decorum http://www.murfytx.org/court//decorum.asp
11. United States District court –southern district of Illinois http://www.ilsd.uscourt.gov/gilbertisc.html
12. Lancaster cournt court of common pleas Lancaster cournt court of common pleas http://www.co.lancaster.pa.us/court/cwp/asp
13. South Carolina judicial summary court bench book http://www.judical.state.sc.us/summurtycourtbenchbool/indec.cfm